



"Seeronni fooyya'anii ba'an seerota danqaa turan furuun dimokraasifi nageenyi fulla'aan akka jiraatu taasisu"  
-Kabajamoo Obbo Iisaa Boruu



## Mootummaafi miidiyaan dhimmoota waloorratti garaagarummaa qabaachuu hinqaban

- *Dhaabbanni Pireesii Itoophiyaa beekamtii argate*

### Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Mootummaafi miidiyaan dhimmoota waloorratti garaagarummaa osoo hinqabaatiin dhimmoota waloof xiyyeeffannaa kennuudhaan waliin

hojjechuu qabu jechuun Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad (Phd) ibsan. Sirni beekamtii miidiyaaleef kennuu Tajaajila Kominikeeshinii mootummaa federaalaatiin qophaa'e Kibxata darbe gaggeeffameera.

Ministirri Muummee Abiyyi sirmicharratti

argamuudhaan haasaa dhageessisaniin, mootummaafi miidiyaan dhimmoota walo biyyarratti garaagarummaa tokko malee waliin hojjechuu qabu. Dhimmoota murteessoo

Gara fuula 12tti



Kaffaltiii Qofaaf Miti ...



Obbo Hayiluu Addunyaa

## Nageenyi Oromiyaa yeroodhaa gara yerootti fooyya'iinsa agarsiisaa jira

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Haalli nageenya Oromiyaa yeroodhaa gara yerootti fooyyaa'aa jiraachuu Mootummaan Naannoo Oromiyaa ibse. Barattoota

Gara fuula 12tti

## Barana Oromiyaatti pirojektotni kuma 21 eebbifamaa jiru

Bayyanaa Ibraahimiin

**Buraayyuu:** Pirojektii eegalame ji'oota shaniifi ja'a keessatti hojiinsaa xumuramee tajaajilaaf

Gara fuula 14tti



## "Misoomni koriidarii Finfinnee kutannoofi qindoomina hoggansaa cimaan kan mul'isuudha"

- *Kantiibota Magaalotaa*

### Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Pirojektiin misooma koriidarii Magaalaa Finfinnee qindoominaafi kutannoon hoggansaa cimaan kan irraa mul'atu ta'uu kantiibonni magaalotaa jalqaba torbee kanaarratti misoomicha daaw'atan ibsan.

Kantiibota magaalota adda addaa biyya

keenya misoomicha daaw'atan keessaa Gaazexaa Bariisaatiif yaadasaanii kan qoodan kantiibonni magaalota Adaamaa, Shashamanneefi Hawaasaa misoomni koriidarii Finfinnee kutannoofi qindoomina cimaa hoggansaatiin adeemsifamaa jiraachuu hubachuu eeraniiru.

Gara fuula 12tti

# ODUU



## Ji'a Waxabajjii keessa buna erguun Itoophiyaan riikardii haaraa galmeessite

### Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Itoophiyaan Ji'a Waxabajjii keessa qofa buna toonii kuma 46 gabaa alaatiif erguun riikardii haaraa kan galmeessite ta'uu Abbaan Taayitaa Bunaafi Shaayii Itoophiyaa beeksise.

Akka odeeffannoon miidiyaa hawaasaa abbaa taayiticharraa argame ibsutti, ji'icha keessa biyyattiin buna toonii kuma 46 gabaa alaatiif erguun doolaara miliyoona 218 argachuu dandeesseerti.

Bara bajataa 2016tti waliigalatti biyyattiin buna toonii kuma 298fi 500 gabaa alaatiif erguun galii doolaara biliyoona 1.4 argachuu dandeesseerti. Bara bajatichaatti hammi bunaa biyyattiin ergite kan bara darbeerra dhibbantaa 20n caalmaa kan qabu yommuu ta'u, galiin argamemmoo dhibbantaa 7.5n caalmaa qaba.

Akka abbaan taayitichaa ibsetti, sharafa biyyattiin argattu keessaa dhibbantaa 35-40 kan alaa alergii bunarraa argamuudha. Lammiilee Itoophiyaa keessaayis dhibbantaa 25 karaa kallattiis ta'e alkallattiin jiruufi jireenyisaanii omisha bunarratti kan hundaa'edha.

Kanaan dura seektarri bunaa seektara rakkoolee walxaxoon keessattuu gabaa omisha bunaa faana walqabatee hudhaalee hedduutu ture. Rakkoolee sektaricha keessatti mul'achaa turan furuuf tarkaanfiiwwan fudhatamaniin bu'aaleen abdi namatti horan argamaa jiru.

Dorgommiin omisha bunaa waggaa waggaa qophaa'us bunni Itoophiyaa gabaa addunyaarratti akka barbaadamu taasisaa jira. Buna qulqullina qabu omishuufi hojiiin dorgommicha qopheessuu ('Cup of excellence') iccitii milkaa'ana alergii bunaa ta'uu abbaan taayitichaa beeksiseera.

## Daawwannaan Ministirri Muummee Sudaanitti taasisan daawwannaa seena qabeessa

### Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Daawwannaan Kibxata darbe Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyyi Ahmad Sudaanitti taasisan daawwannaa seena qabeessa ta'uu Ministeerri Haajaa Alaa Itoophiyaa beeksise.

Ministirri ministeerichaa Ambaasaaddar Taayyee Asqasillaasee daawwannicha ilaalchisuun ibsa miidiyaaleef kennaniin akka jedhanitti, gaggeessitoota biyyoota hundaa keessaa yeroo Sudaan lola keessa jirtu kanatti dursee yaada nageenyaa qabatee biyyicha kan dhaqe Ministira Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyyi Ahmad ta'uu eeraniiru. Daawwannaan kun bu'aa dippilomaasii bira darbee hariiroo ummata Itoophiyaafi Sudaan kan cimsuudhas jedhan.

Waldhabdee Sudaan keessa jiru furuuf sochiilee hedduun taasifamanis hanga ammaatti wanti lafa qabate hinjiru kan jedhan ministirichi, waldhabdee jiru furuuf Itoophiyaan akka ollaa gaariitti gumaacha ijaarsaa arjoomuu kan ittifuutu ta'uu ibsaniiru.

Sababa waldhabdee mudateenis Itoophiyaan lammiilee Sudaan



qe'eesaaniirraa buqqa'an kuma 50 simattee keessummeessaa jirti jedhaniiru.

Nagaya dhabuun Sudaan kana caalaa ittifufuu hinqabu kan jedhan Ambaasaaddar Taayyee, dhimma nageenyaatiif Ministirri Muummee Itoophiyaa yeroo sadaffaaf Sudaan kan deeman ta'uu dubbataniiru.

Waldhabdeen Sudaan keessa jiru nageenya gaanfa Afrikaaf yaaddoo

waan ta'eefi nageenyishii nageenya Itoophiyaa waan ta'eef Itoophiyaan nageenya gaanfa Afrikaaf ilaalcha gaarii qabdurraa kan ka'e tasgabii biyya Sudaanif nihojjetti jedhaniiru.

Biyyattiitti qaamotni waldhabdeen giddusaanitti uumame sababa rakkoo nageenyatiin gidiraa ummatni keessa jiru hubatanii rakkoo nageenyaa jiru mariidhaan furuuf of qopheessuu akka qaban waamichasaanii dhiyeessaniiru.

## Finfinneetti qonna magaalarraa omishni toonii kuma 153 ol argame

### - Namoota kuma 19 oliif carraan hojii uumameera

#### Gammachuu Kadiriin

**Finfinneef:** Hojii qonna magaalaa barana Finfinneetti hojjetameen omishi toonii kuma 153fi 358 argamuu Komishiniin Qonnaan Bulaafi Misooma Qonnaa Magaalattii ibse. Hojiin qonna magaalichaa mataduree "Bitachuurraa gara omishuutti" jedhuun gaggeeffamuus eereera.

Komishinara ittaanaan komishinichaa Faaruq Jamaal ibsa Kibxata darbe Gaaxexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, komishinichi qonna magaalaa bara 2016n omisha toonii kuma 130fi 826 argamsiisuuf hojii bal'aa hojjetee omisha toonii kuma 153fi 358 argamsiiseera. Omisha argame keessaa toonii kuma 110fi 152 omisha beeyiladaarraa argame yoo ta'u, tooniin kuma 43fi 206 biqilootarraayi.

Komishinichi kuufama qabeenya magaalattii gara omishaatti jijjiiruun hojii qonna magaalaa cimsuuf ce'umsa teknoloojii giddugaleeffatee sanyii lukkuu, beeyiladaa fooyya'aafi gaagura ammayyaa raabsuun hojii bu'aaqabeessa raawwachu eereera.

Dabalataanis, baay'inni fayyadamtoota qonna magaalaa akka dabaluu fayyadamtootni fayyadamaa jiran kuma 456fi 650 ittifufsiisuun danda'amu himanii; isaan keessaa namootni kuma



Komishinara Ittaanaa Faaruq Jamaal



Bu'aalee qonna magaalaa keessaa

83fi 731fayyadamoo bu'aa beeyiladaa ta'uu ibsaniiru.

Tattaaffii fayyadamtoota haaraa horachuuf

taasifameenis namoota haaraa kuma 223fi 775 hirmaachisuuf karoofamee kuma 234 fi 765 hirmaachisuun danda'amuus Obbo Faaruq eeranii, isaan keessaa namootni kuma 124fi 222 misooma biqilootaa, kummi 110fi 543 misooma beeyaladaan ta'uu ibsaniiru.

Bilookota qonni magaalaa ittigaggeeffamu kuma afuriifi 678, dhaabbilee mootummaafi dhuunfaa 693tti, manneen barnootaatti 693tti, dhaabbilee federaalaa 67fi kanneen biroo dabalatee namoota qonna magaalatti haaraa hirmaatan hirmaachisuufi buleeyyii ittifufsiisuudhaan hojiin hubannoo uumamuu bal'aan hojjetameera.

Hojiiwwan qonna magaalaa hanga ammaatti hojjetamaniin carraa hojii namoota kuma 22fi 210 uumuuf karoofamuus himanii; namoota kuma 19fi 384f misooma beeyiladaafi biqilootaarratti carraan hojii uumamuu ibsaniiru.

Hojii qonna magaalatti sagantaa maaddii guutuu sadarkaa biyyaatti gaggeffamaa jiruuf galtee guddaa ta'uunis ittifufeera jedhan.

Dhiyeessii bishaanii, hanqina konkolaataa, fedhiifi dhiyeessiin galtee qonna magaalaa gituu dhabuu, hanqina ogeessaafi nyaata beeyiladaa rakkoo qonna magaalaa bara kanaa mudatan jechuun ibsaniiru.

# ODUU



Obbo Didhaa Guddataa

## Hojiileen misoomaafi nageenyaa Godina Shawaa Lixaatti hojjetamaa jiran milkaa'oodha

### Rippoortara Gaazexichaatiin

**Finfinnee:** Godina Shawaa Lixaatti hojiileen misoomaa jalqabamaniifi hojiin nageenya mirkaneessuu bu'aa abdachiisaa argamsiisaa jiraachuu bulchiinsi godinichaa beeksise.

Bulchaan godinichaa Obbo Didhaa Guddataa ibsa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, bulchiinsi godinichaa harka tokkoon diina rukutaa harka kaaniin immoo hojii misoomaa hojjechuun gama lachuuniyyuu milkaa'aa jira.

Gama nageenyaatiin godinichatti waggoota

lama dura seeliin humna Shanee aanaalee hedduutti babal'atee ummata saamaa, gocha sukaneessaas irratti raawwachuun rakkoo nageenyaa uumaa ture kan jedhan Obbo Didhaan, gochaa sukaneessa qaaamni kun raawwachaa ture hawaasni murnicha akka jibbu waan taasisseef oppireeshinii qaama kana barbadeessuuf taasifamaa jiru kutannoodhaan gargaaraafi deeggaraa jiraachuu ibsaniiru.

Hojiin ummata hirmaachise yeroo hunda milkaa'aadha jedhaniin, hirmaannaa ummataa akka humna guddaatti fayyadamuun hojiin oppireeshiniin hojjetamaa jiru bu'aa abdachiisaa argamsiisaa jira jedhaniiru.

Hojii hojjetamaa jiruunis gandootni muraasni kanaan dura murni Shanee rakkoo nageenyaa keessatti uumaa ture amma qulqullaa'anii, miseensotnisaas abdi kutachuun guyyaa guyyaadhaan harka kennachaa jiru, warra harka kennachuu diderrattimmoo tarkaanfiin araarama hinqabne fudhatamaa jira jedhan.

Tarkaanfii fudhatamaa jiruunis seeliin murnichaa iddoowwan hundatti diigamaafi bittinnaa'aa jiraachuu himanii, ummatni godinichaa milishaadhaan gurmaa'uun nageenya qe'eesaa eeggachuun, qaama mootummaaf deeggarsa loojistikiifi

Gara fuula 12tti

## Rifoormiin dinagdee mandhalee jalqabame kan gargaaramtummaa seenaa taasisuudha

### Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Rifoormiin dinagdee mandhalee Itoophiyaan jalqabde gargaaramtummaa seenaa kan taasisu ta'uu hayyuun dinagdee ibsan.

Hayyuun Dinagdeefi Hogganaan Biiroo Karooraafi Misoomaa Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Sidaamaa Doktor Daawit Hayyeessoo yaada Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan biyya koloniin hinbitamne taatus dinagdeenshee dhiibbaa gargaaramtummaa jalatti kufaa ture.

Dinagdeen Itoophiyaa bara 1900-1950tti dhiibbaawwan biyyoota akka Ingilaandiifi Ameerikaa jala, bara Mootummaa Dargiimmoo dhiibbaa biyyoota ilaalcha siyaasaa Soshaliziimii qaban kanneen akka biyya Kuubaafi Raashiyaa jala ture jedhan.

Haaluma walfakkaatuun, bara Mootummaa ADWUIs dhiibbaa warra Lixaa jala ture. Dinagdeen biyyattii dinagdee walabaa ta'uu dhabuurraan kan ka'e dhimmi keessoo



Doktor Daawit Hayyeessoo

biyyattii gidduseentummaa biyyoota garagaraatif saaxilamaa kan tureedha jedhaniiru.

Ta'us mootummaan jijjiiramaa mataduree, "Gargaaramtummaa seenaa taasisuuf

gargaaramtummaarraa gara gargaaruutti" jedhu kalaquunifi rifoormii Dinagdee Mandhalee ifoomsuun hojiitti kan gale ta'uu himanii, rifoormichi carraawwan gaarii hedduu kan qabuudha jedhan.

Akka Doktor Daawititti, beekumsi biyyattii keessa jiru, lafti bal'aa gara fuulduraatti misooma omisha kennuu danda'u bal'inaan jiraachuun, biyyattiin bishaan lafarraafi bishaan lafa jalaa baay'inaan qabaachuunsheefi haalli agro Ikolojiishii omishummaa qonnaatif mijataa ta'uunsaa gargaaramtummaa hambisuuf carraawwan gaarii Rifoormiin Dinagdee Mandhalee qabduudha.

Lafti qotamuu danda'u kan biyyattiin qabdu keessaa hanga ammaatti %50 qofatu qotamee tajaajilaaf oolaa jira kan jedhan hayyuun kun; biyyattiin lafa qotamuu danda'u hunda yoo qotte, qonnishii hirkattummaa roobaatirraa adda bahee hojiin misooma jallisii yoo babal'ate, xinsammuu lammiiilee Itoophiyaa

Gara fuula 14tti

## Baatuutti omisha timaatimii dubartoota gurmaa'aniin misoomaa jiru

### Charinnat Hundeessaatiin

**Baatu:** Waggoota muraasaa as qonna magaalatiif xiyyeeffannaa olaanaan kennamee hojjetamaa kan jiru yoo ta'u, hojiin gama kanaan dubartoota qaxalee gurmaa'aniin Magaalaa Baatuutti hojjetamaa jiru fakkeenyummaan kan ceramuudha.

Bulchiinsi magaalichaa kanuma hubachuun oyiruu bal'aa dubartoonni timaatimii irratti omishaa jiran kutaalee hawaasaa adda addaa daaw'achiisaa jira. Gaafa nuti magaalatti argamnes (baatii Waxabajjii torbee jalqabaa) dargaggoonni magaalattii oyiruu misooma timaatimaatiin magariisa uffatee ija namaatti tolu, haalaan qalbi namaa hawwatu daaw'ataniiru.

Dargaggoonni magaalattii dura bu'ummaa Kantiibaa Bulchiinsa Magaalattii Obbo Ahmaddiin Ismaa'eliin oyirichaafi hojiilee misoomaa biroo kan daaw'atan yoo ta'u, sagantichaan hojii qonna magaalaa, pirojektootaa bara 2016 keessa hojjetaman, hojiilee tajaajila lammummaatiin raawwataman ilaalaniiru. Kanneen keessaa dura kan daaw'atameefi qalbi dargaggootaa daran hawwate oyiruu timaatimii dubartoota qofaan misoomaa jiruudha.

Qonna magaalatiin maniiwwan ijoo lamatu milkaa'ee mul'ata kan jedhan kantiibichi; oyiruun timaatimii kun icciti biraa of keessaa qaba jechuun ibsaniiru. Iccitichis oyiruun timaatimii dubartoota hojii malee taa'aa turaniifi booda waldaan ijaaraman qofaan misoomaa jiraachuu dubbatan.

Timaatimichi haalaan kunuunfamee misoomaa jiraachuun oyiruura sirriitti mul'atu kun, guyyoota muraasa keessatti nyaataaf akka qaqqabu himaniiru. Dargaggoonni muuxannoo kana fudhatanii akka hojiirra oolchaniif Kantiibaa Ahmaddin imaanaa jedhaniiru.

Dubartoonni qarshuma xiqqoo qaban walitti buusanii hojichatti seenan, ammaan tana kaappitaallisaanii qarshii kuma 600

Gara fuula 14tti

## "Tumsa taasisfneen nageenyi naannawaa keenyaa fooyya'aa jira"

- Dargaggoota Godina Qellem Wallaggaafi Gujii Lixaa

### Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Tumsa dargaggootni godinichaa taasisaniin nageenyi godinasaanii fooyya'aa jiraachuu Dargaggoonni Godinaalee Qellem Wallaggaafi Gujii Lixaa tibba darbe Gaazexaa Bariisaaf ibsan.

Ittigaafatamaan Waldaa Dargaggoe Godina Qellem Wallagga Dargaggoe Fedhasaa Dastaa akka jedhetti, Hojii dargaggoonni godinichaa qaamolee nageenyaa waliin hojjetaniin nageenyi godinichaa fooyya'aa jira. Ammaan tana sochiin misoomaa godinichaa kallattiilee hundaan fooyya'aa dhufeera.

Dargaggootni misooma, nageenyaafi



Dargaggoe Fedhasaa Dastaa

ijaarsa sirna dimookiraasii keessatti ga'eesaanii ba'uun anniisaa jijjiiramaa akka ta'aniif sadarkaa aanaafi gandaatti hojiin



Dargaggoe Buzunaa Duuloo

gurmaa'iinsa dargaggootaa cimsaa jiraachuu himee; koonfiransiifi yaa'iin dargaggoota

Gara fuula 14tti



## Barreeffamni kun walta'iinsa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaafi Inistitiyuutii Qorannoo Armaawar Hansan wajjin walta'uun torbanitti kan dhiyaatuudha

# Bookee busaa haaraa Anoofiles Isteefensaayiifi Arabiyaansii ija Ahariin

### Waasihun Takileetiin

Dhimmi dhibee busaa yoo ka'u waanauma barame waan ta'eef mana yaalaa dhaqanii dawaa fudhachuun fayyuun kan danda'amu yoo ta'u sochii hawaas-dinagdeefi faayyaa lammiileerratti miidhaa qaqqabsiisuun rakkoo hamaa qqqabsiisaa tureera ammas sanuma.

Busaan biyya keenyatti baramaa ta'e karaa bookee busaa Anoofiles Arabiyaansii kan dhufu yoo ta'u, bookeen kun akka walhinhorre keemikaalaan dhabamsiisuun nidanda'ama.

Kanarraa kan ka'e bookeen busaa Arabiyaansii kun akka hinbal'anneef yeroorraa yerootti bakka barbaachisaa ta'etti keemikaala biifuun dhibichi akka hinbal'anne taasifamaa tureera, ammas ittuma jira.

Haata'u malee dhibeen busaa bookee busaa haaraa Anoofiles Isteefensaay jedhamuun nama qabu daran hamaafi salphaatti to'achuufis kaan naama rakkisu ta'uu Aharii Damee Adaamaatti Hogganaan Giddugala Qorannoo Busaafi Dhukkuboota Xiyyeeffannoo Barbaadanii Obbo Taaddalaa Immiruuti.

Dhibeen busaa haaraa ALA bara 2016 Itoophiyaa, naannoo Sumaalee, Qabriidahaaritti, 2018 Dirree Dawaatti duubarrammoo magaalota Itoophiyaa 52tti babal'ataa walhoraa deemuun farra fayyaafi hawaas-dinagdee lammiilee ta'uun hubaatii qaqqabsiisaa turuu qorannoo Ahariin gaggeesseen irra ga'ameera.

Bookeen busaa haaraa Anoofiles Isteefensaayii waggaa waggaa kan walhoru ta'uun walqabatee dhibeen busaa hatattamaan akka babal'atu waan taasisaniif haala ittisaasarratti qorannaan akka gaggeeffamu ta'uusaatiin Ahariin abbummaafi aantummaan hojjetaa tureera.

Ittigaafatamummaa Ahariin dhibee busaa ittisuuf fudhatee ka'e olaanaa waan ta'eef qorannoo gadifagoo taasisuun bookeen busaa haaraa Anoofiles Isteefensaay jedhamtu dhabamsiisuuf hojii walirraa hincinne hojjetaa jira.

Qorannoo kanaan dura gama kanaan Ahariin gaggeessaa tureen bookeen busaa haaraa keemikaala dur tureen du'uu akka hindandeenye mirkaneeesera. Kanaafuu bookee busaa Anoofiles Isteefensaay jedhamtu, kan waggaa waggaa



Obbo Taaddalaa Immiruu

walhortu balleessuuf qorannoo gaggeesseen fala addaa bookeen kun sadarkaa guddinaa laarvaarra osoo jirtuu dhabamsiisuun akka danda'amu irra ga'era.

Marsaa guddinaa laarvaarra dabarraan keemikaalaan ajjeesuun akka hindanda'amne erga irraga'amee mala ittisa 'Larvar Source Management' (Sadarkaa guddina bookee busaa Laarvaarra osoo jirtuu balleessuun akka danda'amu qorannichaan mirkaneeesera.

Haaluma kanaan keemikaalota gara garaa alaa bitee galchee waliin makuun bookee busaa Anoofiles Isteefensaay jedhamtu kana sadarkaa laarvaarratti keemikaala biifuun tatamsa'ina walhormaatasaniin gadibuusaa jira.

Walhormaata bookee busaa haaraa Isteefensaayiin walqabatee kan dur turterraa wanti adda taasisu yoo jiraate hatattamaan walhoruun bay'achaa deemuusaaniiti.

Qorannaa gama kanaan Ahariin hojjeteen waggaa waggaa walhoraa kan deeman yoo ta'u, sadarkaa laarvaarra dabarraan keemikaala bookee busaa Anoofiles Arabiyaansiif ooluun du'uu dhabuusaaniiti.

Walhormaatasaniin walqabatee waggaa waggaa dabalaa deemuun ala bakkeewwan kuusaan bishaanii jiru, kuusaa balfaa, poondii ykn kuufata balfa bishaaniifi iddoowwa garagaraatti haala mijtaa uummachuun busaa daddabarsu.

Keessumaa busaan Anoofiles Isteefensaayiin dhufu irrajiireessaan magaalatti kan heddummaatu yoo ta'u, amman tana akka biyyaatti magaalota 50 ol keessatti babal'achuun rakkoo fayyaa qaqqabsiisaa jiraachuu

qorannaan Aharii ni ibsa.

Giddugalli Aharii damee Adaamaa dhibee busaafi dhukkuboota xiyyeeffannoo barbaadanirratti of kennee hojjechuun fayyaan faaya ta'uu qabatamaan agarsiisuuf hojiitti jira.

Qorannoo bookee busaa Isteefensaayirratti gaggeessu kanas qabatamaafi qulqullinaan adda baasuuf kutaa laabiraatoriitti bookeewwan kanneen walitti qabuun qorannaa gaggeessaa jira.

Qorannichaan dhibeen busaa bookee Anoofiles Isteefensaay amaloota akkamii qabdi, eessatti walhorti, yoom yoom walhorti, badiyyaamoo magaalatti heddummaatti isa jedhu adda baasuun danda'ameera.

Kana cinatti bookeen kun akka bookee busaa ishee Anoofiles Arabiyaansii keemikaalaan kan du'an waan hintaneef qorannaa gama kanaan kanaan dura taasifameen sadarkaa laarvaarratti keemikaalonni garagaraa kan itti biifamu yoo ta'e du'uu akka danda'anis Ahariin qorannaan irra gaheera.

Gama biraatiin qorannaa bookeewwan busaa lamaansaaniirrattuu taasifameen bookeen busaa Anoofiles Isteefensaay adda haa taatu malee lamaanuu dhibee busaa kan daddabarsanidha. Haata'u garuu qorannaan bookee busaa haaraa kanarratti taasifamu gahaa waan hintaneef ammallee ittuma jirama.

Inistitiyuutiin Armawar Hansan fayyaa hawaasaatiif dursa kennee aantummaan hojjechuu erga eegalee ammaan tana umrii ganna 54 kan guute yoo ta'u, wiirtuuleesaa maratti qorannaafi qo'annaa gara garaa gaggeessuun hawaasa fayyabuleessa horachuuf humna guutuun hojjetaa jira.

Kenniinsa tajaajila yaala fayyaa dhibee gogaa Juuzamiirratti tokko jedhee eegale babal'isuun yeroo ammaa qorannaa gaggeessu cinatti dhibeewwan akka 'TB, HIV'/edsii, kaansariifi kanneen biroorratti hojjechuun jijjiiramni yaadaafi fayyaan qabatamaan akka lafa qabatuuf inistitiyuutii kutannoon hojjechaa jiruudha.

Kan Adaamaa ittisa busaafi dhibeewwan xiyyeeffannoo barbaadanirratti ciminaan hojjechuun qorannoofi qo'annoo rakkoo fayyaa matumaa hiikuu danda'urratti bobba'uun hudhaa fayyaa furuutti kan jiruudha.

Hayyoonni qorannoofi qo'annoo gara garaa hojjetaa jiranis dhalattoota Itoophiyaa achumatti baratanii bu'aa guddaa biyyasaaniif buusaa kan jiran ta'uunimmoo jijjiirama addaati.

Tarsiimoo dhibee ofii ogeessa ofiin jedhu qabachuun barattoota simatee giddugalasaatti leenjisuun ergamaafi mul'ata qabatee ka'e milkeessaa kan jiru yoo ta'u, dhaabbilee biyya keessaafi alaanis jajamaa akka cuuphataattis tajaajilaa kan jirudha.

Ahariin barattoota biyya keessaafi alaa simatee leenjisuun hayyoota qorannoo dachaan horachuura darbee qorannoon achitti hojjetamaa jiru galtee qorannoo fuulduratti hojjetamuuf jiruuf bu'aa kan buusuudha.

Qorichoonni aadaa keenya kaleessa dheengadda xiyyeeffannoo dhabuun namoonni ogummaa qoricha aadaa qopheessuu qabanillee dhiibamaa turan.

Haata'u garuu xiyyeeffannoo Ahariin Ministeera Fayyaa waliin ta'uun qorichoota aadaaf kenneen ogeessonni qorichaa aadaa ari'atamuurraa gara simatamuutti akka cehan kan taasiseedha.

Yeroo ammaattis humni fayyisuu qorichoota adaafi qabiyeensaani saayinsiidhaan deggeramee tajaajilaaf akka ooluuf qorannaan gadi fageenyaan irratti gaggeeffamaa kan jiru yoo ta'u, dhibeewwan gara garaaf furmaata waaraa kan kennan akka ta'es irra gahameera.

Ahariin daangaa tajaajilasaa babal'isuun saayinsiin deggere humna nama barateefi hayyootaan of ijaaree qorannoofi qo'annoo gadi fagoo taasisuun dhibeewwan farra fayyaa dhala namaa ta'an gara garaarratti hojjechuun aaragalfii ta'uuf cichee hojiitti jira.

Dhibeewwan fayyaa hawaasa balaa keessa buusuun lammiilee keenya hawaas dinagdeen duubatti harkisaa gaaga'ama hinmalleef saaxilaa jiran kanneen akka busaa keessumaa bookee Anoofiles Isteefensaayirratti qorannoofi qo'annoo gadi fagoofi furmaata waaraa fiduu danda'u hojjechuun jijjiiramoota garagaraa galmeessisaa jira.

Tarkaanfii gama kanaan fudhateen fayyaa lammiileef wabii ta'aa kan jiru Ahariin, ammas ummata faana dhaabatee fayyaan faaya ta'uu hojiitti hiikaa kan jiru waan ta'eef kabajniifi galanni nimalaaf.

# Ijoo Dubbii

## Faayidaa biyyaalessaatiif waloodhaan dhaabachuu

Faayidaan biyyaalessaa dhimma obbolommaafi tokkummaati. Dhimma Itoophiyaanonni dameelee dinagdeefi hawaasummaatiin walfaana dhaabachuun irraa eegamuudha. Gama kanaan keessumaa miidiyaan hundi dhimmicha sirriitti hubachuu qabu.

Miidiyaan biyya kamuu jiru faayidaa biyyaafi ummata keessatti itti hundaa'eetiif looga. Fakkeenyaaf akka Itoophiyaatti faayidaalee biyyaalessaa akka ulaa galaanaa, hidha Abbayyaafi kkf jechuudha. Mootummaafi miidiyaan keessumaa dhimmoota ijoo akkanaarratti waliigalanii kabajamuu faayidaa biyyaalessaa Itoophiyaatiif xiyyeeffannaan hojjechuu malee faallaa dhaabachuu hinqabu.

Miidiyaan hundi faayidaa biyyaalessaatiif ni hojjeta; hojjechuus qaba; faayidaan hundaa kan kabajamu oggaa hunduu kabaju waan ta'eef. Miidiyaan ergama oduufi odeeffannoo omishuun olii qaba. Odeeffannoo tamsaasuun ala duudhaalee akka Itoophiyaanonni tokkummaan dhaabataniif gargaaran omishuurrattis hojjechuu qabu.

Asirratti waanti dagatamuu hinqabne walabummaan miidiyaa haala qabatamaa biyyaatiin kan ilaalamu ta'uusaati. Walabummaan miidiyaa Ameerikaas ta'e Awurooppaa jiru haala aadaafi siyaas-dinagdeessaaniitiin irratti kan hundaa'eedha. Walabummaan biyya keenyaas duudhaafi haala qabatamaa biyya keenyaatiin ilaalamuu qaba.

Walabummaan miidiyaa daran barbaachisaadha. Garuu daangaa malee ta'uu hindanda'u. Akkuma irrannatti ibsuuf yaalle muuxannoon biyyoota guddataniis kan agarsiisu dhugaadhuma kana. Bilisummaan yeroo hunda ittigaafatamummaa keessatti ta'uu qaba.

Gama kaaniin jiraachuun miidiyaa cimaa ibsama mootummaa jabaati. Kanaaf miidiyaan mootummaas ta'e kan dhuunfaa akka cimaniif xiyyeeffannaan malu argachuu qabu.

Miidiyaaleen haala ogummaan damichaa gaafatuun sirnaan, miira ittigaafatamummaatiin hojjechuu qabu. Yoo kun ta'e sadarkaa damichaan addunyaan irraa geesse bira qaqqaabuun salphaa ta'a.

Ministirri Muummee Abiyi Ahmad (PhD) waltajjii miidiyaaleef beekantii kennuu Roobii darbe adeemsifamerratti akka jedhanittis, Itoophiyaan damee miidiyaatiin sadarkaa of eeggannaa cimaa gochuu qabdurra geesseetti.

Namoonni qabiyyeeffannoo sirrii ta'aniif hintaane kalaqan hedduminaan waan jiraniif odeeffannoowwan bal'inaan tamsa'u. Odeeffannoowwan akkanaa otoo idaafi gidiraa hintaane mindaa ta'uu akka danda'aniif of eeggannaa olaanaa gochuu barbaachisa.

Gidiraawwan amma keessa jirru hundi bu'aa seenaa kaleessaati. Namoonni kaleessa of eeggannaa tokko malee waan aramaa facaasaniif har'a walamantaan, walgargaaruufi, waljaalachuun kaleessa ture laafee waanuma bishaan hinkaafneen akka waljifannu, walhimannuufi waljijeefnu kan nu taasise aramaa kaleessa facaafameedha.

Waanti balaafamaan akka hinraawwatamneef lammiileefi miidiyaan waantota gaggaariifi qajeeloo dursa kennuudhaan akka walkabajnuuf, jaalalliifi nageenyi waaraan akka lafa qabatuuf, biyya mijattuu, aadaafi seenaa himamee hidhumne qabu tana dhalootatti ceessisuurratti hojjetamuu qaba.

Waanti addunyaa kaaniif dabarsinu of eeggannaa guddaa barbaada. Waan dhaloota ittaanuuf darbuu danda'uuf qofa otoo hintaane namoonni karaa himmalleen yoo nu hubatan misoomaafi badhaadhina hawwinu mirkaneessuu hindandeenyu.

Dhugaa jiru haala dhaloota ittaanuuf fayyaduun faayidaa biyyaalessaa Itoophiyaa dursuudhaan ibsuun barbaachisaadha. Miidiyaan tokko tokko utuu beekaniis ta'ee hinbeekiin waantota faayidaa Itoophiyaa miidhan ni gabaasu. Madda ajandaafi ergaa diigumsaa ta'u. Kun ta'uun waan yeroo baay'ee bitaa namatti galuudha.

Yeroo weerara Xaaliyaanii duultooni oggaa bosona qaxxaamuran namoonni onnachiisaniifi sirbaan isaan gargaaran duulaa turan. Gootonni naannawa tokko jiran namni masiinqoo baatee, Amaariffa dubbatu, azmaarii sagaleensaa daran kiilolee isaan faana jira; isaan fakkaatee.

Oggaa sirbu garuu sagaleesaa kiilolee sanaan 'harka kennadhaa, harka kennadhaa' jedhee weellisaa ture. Dhumarratti hamilee hinqabu ture. Gootonni akkana jedhaniin, "Ati, masiinqoon, sagaleen, yeedaloon kan keenya, walalichi garuu kan kee miti" jedhaniin. Walaloosaa weerartootarraa ergifatee gootota jidduu seenee oggaa akka harka kennataniif isaan dadammaqsu isaan hindhageenyi.

Ammas walaloon, qabiyyeen, ergaawwan ergisaa oggaa mudatan yoo hammuma fedhe walaloon, yeedaloon, sagaleen miidhagaa ta'ellee dadammaqsu hindanda'u. Hojjiileen ergifannaa akkanaatiin hojjetamaniifi ergaawwan darban badhaadhina Itoophiyaa balaaf waan saaxilaniif of eeggannaadhaan ilaaluu barbaachisa.

## Yaada/Ajandaa

# Inisheetivoota alergii: Bunaafi muduraa

Mootummaan Naannoo Oromiyaa xiyyeeffannoo laafaa damee qonnaatiif kennamaa ture hunderraa haaromsuun inisheetivoota walduraa duubaan jalqabeen milkaa'inoota hedduu argamsiisaa jira.

Bu'uuruma kanaan, inisheetivoota baay'ina, akaakuufi qulqullina omishaalee alergii dabalaa labsoon erga hojiitti galee as, gama tokkoon fayyadamummaan qonnaan bulaa, gama biraatiin sharafni alaa argamu dabalaa jira.

Inisheetivoota kanneen keessaa misoomni bunaa, avokaadoo, baala shaayyifi muuzii imala milkaa'inaarratti argamu. Barana biqiltuu avokaadoo sanyii filatamaa miliyoona 17 dhaabbiif qophaa'e keessaa hanga har'aatti biqiltuu miliyoona torbaa ol dhaabuun danda'ameera.


Hojiilee waggoota shanan darban "Dikilaareeshinii Ada'aa"tii as raawwanneen, akaakuu avokaadoo sanyii filatamaa gabaa idiladdunyaatti daran barbaadamu lafa hektaara kuma 16 irratti misoomsineerra. Karoora ganna kanaaf qabanneen, lafa hektaara kuma 25 irratti misoomsuun, uwwisa waliigalaa avokaadoo sanyii filatamaa alergiif ooluu gara hektaara kuma 41 olitti kan guddisnu ta'a.

Gama biraatiin erga inisheetivii misooma bunaa bara 2011 labsinee as, baay'inaafi qulqullina omisha buna argamurratti jijjiiramni guddaan dhufeera. Bara 2015 biqiltuu bunaa biliyoona 1.33 kan dhaabnee yoo ta'u, bara kana ammoo biqiltuu bunaa biliyoona 2.5 qopheessineerra. Kana keessaa hanga ammaatti biqiltuu biliyoona 2.1 dhaabneerra. Akkasumas, bara omisha 2016 keessa bunni kuntaalli miliyoona 11.8 sassaabbameera.

Galii sharafa doolara biliyoona 1.43 akka biyyaatti buna gabaa alaatiif dhiyeessuun argame keessatti, hojjiileen waggoota shanan darban naannoo keenyaan raawwataman gahee olaanaa qabu. Haaluma walfakkatuun, labsii inisheetivii baala shaayyifi Alleetiin, baay'inaafi qulqullina omishaarratti guddina mul'atu galmeessineerra.

Baranas, dachaa hedduun dabaluuuf hojjechaa jirra. Barichatti, biqiltuu miliyoona 413 qopheessuun lafa hektaara kuma 30 irratti misoomsuu jalqabneerra. Sharafa doolara miliyoona 2.1 alergii omisha bala shaayyifi irraa akka biyyaatti argame keessattis, hojiin labsii Allee booda raawwatame shoora guddaa taphate.

Dabalataan, inisheetiviin biroo bu'aa argamsiisaa jiru, misooma muuzii (Dikilaareeshinii Iluu Galan, 2011) ti. Inisheetivii kanaan, hunda dura, biqiltuu sanyii filatamaa muuzii sharafa mi'aadhaan alaa galaa ture dhaabbilee qorannoo qonnaa keenya keessatti misoomsuun hambisuu dandeenyeera.



Kanaanis, hanga bara 2015tti sanyii muuzii tiishuu kaalchariin qophaa'e, lafa hektaara 3,000 irratti kilaastaraan misoomsuu dandeenyeera.

Barana ammoo dachaa sadii oliin dabaluu, lafa hektaara kuma 10 irratti biqiltuu miliyoona 17 ol dhaabneerra. Raawwii kanaan uwwisa muuzii sanyii filatamaa hektaara kuma 13, akkasumas uwwisa waliigalaa muuzii hektaara kuma 37 irra qaqqaabneerra. Kana malees, omisha muuzii gabaa biyya keessatiif qofa dhiyeessaa turres, bara 2015 irraa eegallee, gabaa alaatiif qaqqaabsiisuu jalqabneerra.

Inisheetivoonni kunneen, gabaa biyya keessaa tasgabbeessuu qofa osoo hintaane, qonnaan buloota gabaa idiladdunyaatiif dhiyeessaniifi dinagdee biyyaarratti dadammaqiinsa gaarii uumuurratti argamu. Walumaagalatti, omishni qonnaa keenya gabaa idiladdunyaa giddugaleessa taasisuun kan misoomu ta'a.

Milkaa'ina hanga yoonaa, ifaajjii qonnaan bultoonni keenya halkanii guyyaa taasisaniin argameef kabaja olaanaa qabu ibsaa, badhaadhinni maatiifi biyyaa guutummaatti hanga mirkanaa'utti, mootummaan gama hundaan qonnaan bulaa keenya waliin kan dhaabatu ta'uu carraa kanaan mirkaneessuun barbaada.

*Shimallis Abdiisaa,  
Pirezidaantii BMNO*



## Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.  
Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii  
1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

**Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata  
Pireesii Itoophiyaa**  
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22  
Email :- [epa@press.et](mailto:epa@press.et)

### Gulaalaan

**Charinnat Hundeessaa**  
Lak.Bilbilaa 011-126-42-08  
[chhundessa@yahoo.com](mailto:chhundessa@yahoo.com)

[email-cherenethundessa@press.et](mailto:email-cherenethundessa@press.et)

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

### Qopheessitootni:

*Saamraawit Girmaa  
Natsaannat Taaddasaa  
Bayyanaa Ibraahim  
Waasihuun Takilee*

### Adeemsisaa Hojii

*Bil. 011-126-42-22*

### Kutaa Beeksisaa:

*Bil. 011-156-98-73*

### Raabsa Gaazexaa

*Bil.011-157-02-70*

### Faaksii Kutaa Qophii

*251-011-1-5698-62*

*L.S.P 30089*

*email-bariisaa@press.et*



*Ethiopian Press Agency*

## KEESSUMMAA BARIISAA

# “Seeronni fooyya’anii ba’an seerota danqaa turan furuun dimokraasiifi nageenyi fulla’aan akka jiraatu taasisu”

- Kabajamoo Obbo Iisaa Boruu

Natsaannat Taaddasaatiin

*Keessummaan Bariisaa maxxansa kanaa Mana Marii Bakka Bu’oota Ummataatti Walittiqabaa Ittaanaa Koree Dhaabbii Dhimmoota Seeraafi Haqaa Kabajamoo Obbo Iisaa Boruuti. Hojiilee guguddoo korichi raawwaturratti hundaa’uun gaafdeebii dheengadda isaan waliin taasisne akka armaan gadiitti dhiyeessineerra.*

**Bariisaa: Bakka dhalootaa, haala barnootaafi muuxannoo hojii keessan gabaabsitanii utuu nuu ibsitani?**

**Obbo Iisaa:** Naannoo Oromiyaa, Godina Arsii, Aanaa Gololchaa, Ganda Geedoo Seeqaa jedhamuttin dhaladhee guddadhe. Barnoota koo sadarkaa tokkoffaa kutaa lffaa-8ffaatti Mana Barumsaa Jiingaa Dhiibuu bakkuma dhaloota kooti argamutti baradhe. Barnoota koo sadarkaa lammaffaa ammoo Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Arbanyooch jedhamu kan Aanaa Martii, Magaalaa Abboomsaatiin baradhee xumure. Sana booda qabsootti makamee waggoota 10f qabsaa’uun carraa barumsaa argadhee Yunivarsitii Siivil Sarvisii galee seeraan digriikoo jalqabaa fudhe. Waggaa lama booda digriikoo lammataa (MA) yunivarsitichumatti baradheen Manaajimantiidhaan eebbifame.

Bara 1986 irraa eegalee sadarkaalee aanaa, godinaa, naannoofi federaalaatti sadarkaa hoggansa gulantaalee gara garaatiin hojjeedheera. Ergan digrii koo jalqabaa baradhee booda Ittigaafatamaa Waajjira Misooma Magaalaa Godina Arsii ta’ee hojjeedheera.

Kantiibaa Magaalaa Asallaafi Ittigaafatamaa Waajjira Bulchiinsaafi Nageenyaa Godina Arsii ta’ees hojjeedheera. Isa booda Godina Shawaa Bahaatti waggaa tokkoof Waajjira Dhaabaa keessa hojjeedheera. Bara 2006 hanga bara 2013tti gara naannootti dhufee Caffee Oromiyaatti Walittiqabaa Koree Dhaabbii Dhimma Bulchiinsaafi Seeraa ta’ee hojjeedheera.

Filannoo biyyaalessaa bara 2013 geggeffameen ammoo gara Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataatti dhufeen Walittiqabaa Ittaanaa Koree Dhaabbii Dhimmoota Seeraafi Haqaa ta’ee hojjechaa jira.

**Bariisaa: Hojiilee guguddoon Koreen Dhaabbii Dhimmoota Seeraafi Haqaatiin raawwataman maalfaadha?**

**Obbo Iisaa:** Gaheefi hojiin seeraan koree kanaaf kenname. Wixineewwan seeraa mana marichaatiin qajeelfamaniif qorachuu, xiinxaluufi gabaasa yaada murtii dhiyeessuun mana marichaatiin akka ragga’an taasisuu, manneen hojii mootummaa federaalaa ittiwaamamnisaanii korichaaf ta’es hordofuufi to’achuun, komiiwwan nama dhuunfaa xiinxalee furmaata kennuufi hojiilee biroo afyaa’ii mana marechaatiin kennamaniif raawwachuun hojiilee guguddoo korichi raawwataa jiruudha.

**Bariisaa: Hojiilee koreen dhaabbii kun wixineewwan seeraa mana marichaatiin qajeelfamaniif qorachuun, xiinxaluufi gabaasa yaada murtii dhiyeessuun mana marichaatiin akka ragga’an taasisuuf bara bajataa hojii 2016 keessa raawwate maal fakkaata?**

**Obbo Iisaa:** Seerotni abbumaadhaan korechatti ittiqajeelfaman jiru. Gama biraatiin ammoo korichi gargaaraa ta’ees ni hojjeta. Akka waliigalaatti labiiwwan bara hojii 2016 mana marichaatiin raggaasifaman 46 keessaa labiiwwan baay’ee abbumaadhaanis ta’u gargaaraa ta’uun qoratee, xiinxalee, gabaasa yaada murtii mana marichaaf dhiyeessuudhaan akka ragga’an taasisera.

Labiiwwan korichi qoratee gabaasa yaada murtii mana marichaaf dhiyeessuun akka

ragga’an taasisa keessaa tokko Labii Bulchiinsa Lafa Baadiyyaati. Labii kana raggaasisuu keessatti koreen kun gahee guddaa bahateera. Labiiin kun ummata keenyaaf faayidaa guddaa qaba. Labiiwwan ba’an keessaa irra jireessi fooyya’anii kan ba’aniidha.

Koreen kun labii immigireeshiniifi lammummaa deebisanii dhaabuuf ba’e gadfageenyaan qorachuu, xiinxaluufi gabaasa yaada murtii dhiyeessuun akka ragga’u taasisuu keessatti hojii bal’aa raawwateera. Labiiwwan ba’an hedduun faayidaa biyyaatiin kan walqabataniifi fayyadamummaa ummataa mirkaneessaniidha.

**Bariisaa: Labiiwwan Labiiwwan Mana Marii Bakka Bu’oota ummataatiin ragga’anii ba’an adeemsa akkamii keessa darbu?**

**Obbo Iisaa:** Labiiwwan mana marichaatiin ragga’anii ba’an hundi adeemsa seera tumuu keessa darbu. Labiiin tokko hanga ragga’ee ‘Gaazexaa Nagaariiti’ irratti maxxanfamutti adeemsa keessa darbu qaba.

Wixineen labii jalqaba sadarkaa mootummaa federaalaatti mana hojii abbaa wixineetiin qophaa’a. Manni hojii tokko wixinee labii erga qopheesse booda karaa Ministeera Haqaa Mana Marii Ministeerotaaf dhiyaata. Manni Marii Ministeerota ammoo wixinee labsichaa ilaalee gara Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataatti qajeelcha. Isa booda adeemsa seera tumuutu jalqabama.

Manni marii kun dubbisa tokkoffaa, lammaffaafaafi sadaffaa qaba. Manni marichaa dubbisa tokkoffaarratti erga dhimmoota waliigalaarratti mari’atee booda wixineen labsichaa yaada ummataatiin gabbatee qoratamee akka dhiyaatuuf gara koreewwan dhaabbii dhimmi sun ilaallatuutti qajeelcha. Koreen wixiniin labsichaa itti qajeelfamee ummanniifi qaamolee dhimmichi ilaallatu wixinee labsicharratti gadfageenyaafi bilchinaan akka mari’atamu taasisa.

Koreen wixineen labsichaa ittiqajeelfame labsichi utuu hinfooyya’in yeroo dheeraa akka tajaajiluufi gadfageenyaan qoratamee, irratti mari’atamee qulqullinaan ba’u taasisuu keessatti gumaacha guddaa taasisa. Labiiin ba’u heeraafi seerota Itoophiyaan biyyoota addunyaa waliin walii mallatteessite waliin walitti bu’uufi dhiisuusaa sirriitti qoratee, xiinxalee gabaasa yaada murteef Mana Marii bakka Bu’oota Ummataaf dhiyeessuun akka ragga’u taasisa.

Korichi gabaasa yaada murtiitiin adeemsa wixineen labsichaa keessa darbeefi qaamolee irratti mari’atan qaboo yaa’ii waliin walitti qabsiisuun mana marichaatiifi dhiyeessa. Manni wixineen labii dhiyaate hinbilchanne yoo jedhe korechatti deebisee irra deebi’amee sirriitti akka qoratamuufi xiinxalamu taasisuu danda’a. Wixineen labii tokko adeemsaawwan kunneen keessa darbee ragga’ee labii ta’a. Labiiin ragga’e tokko guyyaa Gaazexaa Nagaariitti irratti maxxanfameeraa kaasee hojiirra oola.

**Bariisaa: Wixineen labii gadfageenyaan akkasitti qoratameefi xiinxalamee qulqullinaan ba’u kun yeroo hangamiif utuu hinfooyya’in turuu danda’a?**

**Obbo Iisaa:** Akka adeemsa seeraati labiiin tokko utuu hinfooyya’in yeroo dheeraa turuu



qaba. Labiiin tokko yeroo ba’us yeroo dheeraaf ummata akka tajaajiluuf yaadamee ba’a. Labiiin tokko sadarkaa biyyattiin irra geesseefi haqina labsichi qaburratti hundaa’uun akka fooyya’u ta’a. Fakkeenyaaf Labiiin Lafa Baadiyyaa mirga abbaa qabeenyummaa qonnaan bulaa kabachiisuun qonnaan bulaan ragaa qabiyyee lafasaa qabsisee baankiirraa qarshii akka liqeefatu kan taasisuudha.

Waliigalatti seerri ba’u hundagaleessaafi loogiirraa bilisa ta’ee hawaasa hunda qixa kan fayyadu ta’uu qaba. Seerri ba’u yeroo dheeraa tajaajilu qaba. Rakkoon hanqina qulqullina seeraan walqabatee mul’atu ammas xiyyeeffannaa barbaada.

**Bariisaa: Seeronni fooyya’anii ba’an ummataafis ta’e biyyaaf faayidaa akkamii qabu?**

**Obbo Iisaa:** Itoophiyaatti misooma guddina dinagdee si’ataa fiduufi dimokraasiifi nageenyi amansiisaan akka keessa jiraatuuf hojjetamaa jira. Seeronni fooyya’anii ba’an jijjiirama, misoomaafi guddina dinagdee biyyattiin barbaadu fiduuf gargaaru.

Biyyi kleenya waggoota dheeraaf rakkoo dimokraasii keessa waan turteef mirgoonni dimokraasii daanga’aa turan. Seeronni fooyya’anii ba’an seerota danqaa turan furuun dimokraasiifi nageenyi fulla’aan akka jiraatu taasisu. Kana malees paartiileen siyaasaas shakkii tokko malee akka dorgoman taasisu. Kun ammoo nageenyi amansiisaan akka dhufu taasisa. Seeronni fooyya’anii ba’an olaantummaan seeraa biyyattii keessatti akka kabajamu kan taasisaniidha.

**Bariisaa: Manni Maree Bakka Bu’oota Ummataas ta’e koreen dhaabbii kun hojiirra oolmaa seerota ba’aniiratti to’annoofi hordoffiin akkamii taasisa?**

**Obbo Iisaa:** Seerota baasuu qofa utuu hintaane hojiirra oolmaa seerota ba’anii to’achuufi hordofuunis aangoo mana marichaaf kennameedha. To’annoofi hordoffii geggeeffamaa tureen rakkoo hamaan hojiirra oolmaa seerota ba’aniiratti mul’ate hinjiru. To’annaafi hordoffii taasisamaa tureen hojiirra oolmaan seerota ba’anii sadarkaa gaariirra jira.

Seericha akkaataa barbaadameen bakka hundatti hojiirra oolchuurratti rakkoon nageenyaa gufuu waan ta’eef rakkoo nageenyaa bakka tokko tokkotti mul’atu furuunis dhimma xiyyeeffannaa guddaan irratti hojjetamaa jiruudha. To’annaafi hordoffii hojiirra oolmaa seerota ba’aniiratti adeemsifamuun hanqinoota mul’atan adda baasanii furuurratti xiyyeeffatamee hojjetamaa jira.

Mannni marichaa koreewwan dhaabbii 13 qaba. Koreewwan kunneen keessaa tokko Koreen Dhaabbii Dhimmoota Seeraafi Haqaati. Koreen kun seeronni ba’an akkamitti hojiirra akka oolaa jiru nihordofa; ni to’atas. Manneen hojii ittiwaamamnisaanii korechaaf ta’e keessattis seeronni manni marichaa baase akkamitti hojiirra oolaa akka jiru ni hordofa.

Riifoormii haqaatiin walqabatee seeronni fooyya’uu qaban ni jiru. Rakkoon tajaajila haqaatiin walqabatu ammayyuu rakkoo hinfuramin jiruudha. Komii guddaa ummanni tajaajila abbaa seerummaafi haqaarratti qabu furuuf riifoormiin adeemsifamaa jira.

Riifoormii adeemsifamaa jiru keessaa tokko eerota hanqina qaban fooyyessuudha. Seerota hanqina qaban fooyyessuuf tajaajila mana murtii hawaasaa aadaan walqabatu hojiirra akka ooluuf seerri ba’uu akka qabu itti amanamee sadarkaa mootummaa federaalaafi naannoleetti hojii bal’aan raawwatamaa jira.

To’annaafi hordoffii adeemsifamaa jiruun ammas seeronni fooyya’uu qaban jiru. Seeronni kanaan dura bahan tajaajila barbaadamu akkaataa barbaachisuun argamsiisuu hindandeenyeef waan ta’eef hojiin seerota kana fooyyessuu wixinee qophaa’aa jira.

**Bariisaa: Seeronni naannoleen baasan seerota manni marichaa baasu faana hariiroo akkamii qabaatu?**

**Obbo Iisaa:** Bu’uraa heeraatiin aangoon mootummaa federaalaafi naannoleetiif kenname jira. Mootummaan naannolees ta’e federaalaa aangoo kennameefiirratti hundaa’uun seera baasu. Mootummaan naannolees ta’e federaalaa yeroo seera baasan heera biyyattiitiin walitti

## KEESSUMMAA BARIISAA

## “Seeronni fooyya’anii ba’an seerota danqaa turan...”

bu’uufi dhiisuusaa akkasumas aangoon seericha baasuu kan isaaniif kenname ta’uufi dhiisuusaa adda baaafachuu qabu. Seerota ba’an hundaaf bu’uurri heera biyyattiiti.

Manni Marii Bakka Bu’oota Ummataa labsii lafaa baasuun dura Tigraayirraa kan hafe naannolee hundi akka irratti mari’atan taasisa. Kun aangoon mootummaa naannoofi federaalaa akka walitti hinbuune taasisuuf gargaara. Naannoleenis seera yeroo baasan seera mootummaa federaalaafi seerota biroon kan walitti hinbuune ta’uu ilaaluu qabu.

Biyyi keenyatti yoo seerri naannoleen baasaniifi kan federaalaa walitti bu’e kamtu hojjiira ooluu akka qabu seerri taa’e hinjiru. Hindiitti seerri naannoleen baasaniifi kan federaalaa walitti yoo bu’e kan federaalaa akka hojjiira oolu ta’a.

Biyya keenyatti seerri tokko heera mootummaatiin yoo walitti bu’e hiikaa heeraa barbaada. Kunis karaa komiishinii hiiktuu seeraa Mana Maree Federeeshiniif dhiyaatee akka hojjiira oolu ta’a. Manni Maree Bakka Bu’oota Ummataas ta’e manneen maree naannolee aangoon kennamefirratti hundaa’uun seera baasu.

**Bariisaa: Koreen dhaabbii kun dhimmoota akkamitti hordofee furmaata kennaa?**

**Obbo Isaa:** Koreen kun manneen hojii mootummaa ittiwaamamnisaanii korechaaf ta’e ni hordofa, ni to’atas. Komiishiniin Bulchiinsa Manneen Sirreessaa Federaalaa isa tokko. Komiishiniin kun utuu hojmaata hineegin yoo mirga hojjetaasaa sarbe, mindaa irraa dhaabsise, sadarkaasaarraa gad buuseefi hojjetaan sun sadarkaa komiishiniichaatti iyyatee furmaata yoo dhabe dhimmichi gara mana marii dhufa. Afyaa’iin mana marichaas dhimmichi qulqullaa’ee akka furmaata argatuuf koree keenyatti qajeelcha.

Koreen keenyas dhimmicha qoratee xiinxalee karaa mana marichaa abbaa dhugaatiif falli akka kennamuuf taasisa. Kanaaf koreen keenya dhimmoota dhuunfaallee yeroo itti ilaalu qaba.

**Bariisaa: Manneen hojii mootummaa federaalaa koree kanaaf waamaman duubdeebii koreen kun kennuuf hojjiira oolchuufi sirreessurratti maal fakkaatu?**

**Obbo Isaa:** Manneen hojii koree kanaaf waamaman Komishinii Poolisii Federaalaa, Ministeera Haqaa, Tajaajila Nageenya Odeeffannoo Biyyaalessaa, Tajaajila Immigireeshiniifi Lammummaa Tajaajila Mirkaneessa Sanadootaa, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa, Mana Murtii Olaanaa Federaalaafi Sadarkaa Jalqabaa dabalatee manneen hojii 14tu korichaaf waamama.

Kanaaf, manneen hojii kunniin karoora waggaa 10 qabu, akeeka hojlisaaniitiin walqabu jechuudha. Manneen hojii kunniin maal akka karoofatan, akkamitti tajaajila akka kennan, keessumaa qaamoleen nuti hordofnu warreen tajaajila kennaniidha.

Manneen hojii kunniin akkamitti akka tajaajila kennan gabaasasaaniifi karoorasaniifi waliin walbira qabnee ilaalla. Kan ilaallu gabaasa qofa miti. Maal jijjiiran kan jedhu koreen qaamaanis gadi bu’ee ilaalla; ni to’ata, nihordofa. Daaw’annaa dirreetiin hanga naannoleettis gadi bu’ee haala qabatamaa jiru ni ilaala. Gabaasasaanii xiinxallee kan qaamaan bira geenyee argine wajjin walbira qabnee madaaluun duubdeebii kennina.

Duubdeebii kana sirreessaa, kan yeroo gabaabaa keessattiif adeemsa keessa sirrachuu qabu jennee kenninaaf. Kanaaf akka waliigalaatti yeroodhaa gara yerootti fooyya’iinsi jira. Duubdeebii kennamu fudhatanii sirreessaa deemuurratti jijjiiramni jira. Fakkeenyaaf immigireeshini yoo fudhatte hawaasni paaspoortiin walqabatee

komii bal’aa irratti diyeessaa ture.

Waajjirichi komicha furuuf tattaafachaa jira. Waliigalaan akkuman jalqabarratti sii kaase manneen hojii riiformi ta’uu qabu. Xiyyeeffannaa mootummaan kenneen manneen hojii riiformiitti galan jiru. Biyya kanatti yoo haqarratti jijjiiramni hindhufne jijjiiramni biraa dhufuu hindanda’u.

Kanaaf kanarratti mootummaan xiyyeeffannaa kennee hojjetaa waan jiruuf duubdeebii kenname akkuma jirutti fudhatanii hojjechaa jiru. Jalqabbii gaariin jira haa jennu malee garuu ammas hordoffiifi to’annoon gaggeeffamu cimee ittifufuu qaba.

Bakka duubdeebii koreen kennu guutummaa akka hojjiira oolchan gochuurratti hojii itaanu gaafata. Sababiinsaas dhimmichi waan haqaa waan ta’eef. Haqaan walqabata. Jijjiiramni barbaadamu halkan tokkotti kan dhufu miti. Hojichi ijaarsa dhaabbataatiinis walqabata. Humna namaa jijjiiruufi teknolojiifaa gaafata.

Qulqullina tajaajila abbaa seerummaa, abbaa alangaa. Ittiqulqullina tajaajilaa maal akka fakkaatu kan ilaallatuudha. Komiin ammas bal’inaan jira. Kanaaf ammas hoji bal’aa gaafata. Duubdeebiin kennamu jijjiirama bu’uuraa akka fiduuf ittifufiinsa hojjetamuu qaba.

**Bariisaa: Manneen hojii duubdeebii kennamuuf si’aayinaafi haala barbaadamuun hojjiira oolchuurrata duubatti jedhanirratti tarkaanfii fudhatamu jiramoo akeekkachiisuma qofaan bira darbama?**

**Obbo Isaa:** Manneen hojii yoo duubdeebii kennamuuf fudhatanii hinsirreessine koreen kun of eeggannaa kennuu danda’a. Manni hojii ebelu jedhamu duubdeebii kennamuuf fudhatee sirreessaa hinjru jedhamee miidiyaarratti labsuu danda’a. Korichi yoo kanaan ijjibaate waamee karaa afyaa’ii qaama dhimmi ilaallatu wajjin dubbatamee waraqaan of eeggannaa kennameefii akka tarkaanfiin fudhatamu taasifama.

Fakkeenyaaf dhimma tajaajila waajjira immigireeshiniifi lammummaatiin walqabatee komii hawaasaa bal’aatu ture. Nutis daran rakkannee turre. Paaspoortiin ni gurgurama. Ummanni tajaajila hinargatu.

Komii hawaasaa bal’aatu ture. Kanaaf akka tarkaanfiin fudhatamu ta’e. Tokkoffaa hojjetataa achi jirurraa eegalee seeraan akka gaafatamu, aangoorraas akka ka’u qaamaa dhimmi ilaallatu wajjin mari’achuun tarkaanfii kan fudhachiise koree kana jechuudha.

Koreen dhaabbiin keenya haala kanaan ittigaafatamummaasaa bahata jechuudha. Manni mariis haaluma kanaan ittigaafatamummaasaa bahata. Koree biras darbee yaa’ii waliigalaa mana mariitiif akka dhiyaatu taasifama jechuudha. Manni mariis akka qoratu taasifama. Kana, kana sirreessaa jedhama. Yoo sirreessuu baate akka tarkaanfiin fudhatamu taasifama.

**Bariisaa: Abbootiin seeraa murtii seeraafi haqaqabeessa akka kennaniif gara fuuladuraatti xiyyeeffannaa koree koree keessanii akkamitti ibsama?**

**Obbo Isaa:** Gama kanaan koreen manneen hojii koreen kunis hordofus ta’e sadarkaa guutuu biyyaatti riiformiin caasaalee federaalaafi naannolee keessatti hirmaatan jira. Riiformichi bakka lamatti qoodameeti adeemsifamaa kan jru. Kan tajaajila abbaa seerummaa jira. inni manneen murtii naannolees qabatee gadibu’a. Kan seektara haqaas jira. Kan seektara haqaa jechuun Ministeerri Haqaa mataansaa jira.

Sadarkaa naannoleettis caasaan haqaa kun jira. Waajjiraaleen manneen hojii kanneeniif waamaman jiru. Fakkeenyaaf Tajaajila Mirkaneessa Sanadootaa, bulchiinsi manneen sirreessaafaan seektara haqaa jedhamanii hanga naannootti gadibu’u. Kanneen keessatti

riiformiin bal’inaan gaggeeffame. Manneen murtii ilaalchisee karoori akka biyyaatti qophaa’e jira. Riiformii manneen murtiis jira. Kanneen kan hogganu afyaa’iidha.

Koreen keenya qoodni hojii kennameef waan jiruuf kana keessattis abbumaadhaan hojjeta jechuudha. Kan haqaallee akkasuma. Kanaaf gama kanaan hojii bal’aatu hojjetame, hojjetamaas jira. Kanneen keessaa seerri akka riiformiin kun hojjiira hinoolee taasisa akka fooyya’u ta’aa jira. Keessumaa seerri ummata bal’inaan hinhirmaachisne akka fooyya’u taasifamaa jira.

Hanqi hawaasni keessatti hinhirmaanne haqa mirkaana’e ta’uu hindanda’u. Kanaaf akka hawaasni irratti himaatu taasifamaa jira. Caalaatti ammoo murtiin mana murtii idilaa qofaan kan kennamu ta’uu hinqabu. Murtiin qaamolee adda addaatiinis kennamu danda’a. Manni murtii aadaas jiraachuu qaba, haqa baasuuf. Manni murtii aadaa Oromiyaatti jalqabameera.

Kan Oromiyaa kun naannolee hundaaf muuxannoo ta’ee ittihojjetamuuf deemaa jira. Naannoleen haala qabatamaa naannawasaaniirratti hundaa’uun seera kana baasaa jiru. Waliigalaan rakkoolee damee haqaa kana bu’uurarraa hiikuuf, kenniinsa tajaajila haqaa qulqulluufi si’aayaa ummataaf dhiyeessuuf hojiin jalqabame baay’ee gaariidha jechuudha. Koreen keenyas kana xiyyeeffannaan hordofaa jira.

**Bariisaa: Garaagarummaafi hariiroon mana murtii idileefi mana murtii aadaa gidduu jiru maaliidha?**

**Obbo Isaa:** Manni murtii idilee seeraafi seera qofaan hojjata. Manni murtii idilee ragaa ilaala, ragaan sun immoo kan sobaas ta’uu danda’a. Manni murtii idilee haqa baasuu keessatti hanqina qaba. Manni murtii kun qaama tokko mufachiisee kaan ammoo mufachiisa. Manni murtii idilee qaama balleesserratti murtii seeraan adabuu malee himataafi himatamaa walitti walitti araarsuu keessaa hinqabu.

Mana murtii aadaa garuu qaamota lamaan ykn himataafi himatamaas ni gammachiisa. Adeemsa murtii aadaarratti inni tokko gammadee inni kaan immoo gaddee achii hinbahu. Manni murtii aadaa haqa baasuu keessatti hedduu barbaachisaadha. Ummanni caalaatti mana murtii aadaatti amana. Manni murtii aadaa qaamolee lamaan waliitti araarsee walitti fayyisuun fala warraa kenna.

Kakuun mana murtii aadaatti kakatamus garmalee hamaadha. Namni mana murtii aadaatti dhiyaatu yoon sobe kanan dhalche naa hinguddatin, kanan facaase naa hinbiqilin... jedhee waan kakatuuf haqa ykn dudhaa jiru baasuuf dirqama. Kanaafuu manni murtii aadaa haqa mirkaneessuu keessatti shoora olaanaa qaba.

Kana jechuun manni murtii idilee hinbarbaachisu jechuu miti. Manni murtii idilees olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa qaba. manneen murtii aadaa dhiibbaa manneen murtii idileerra jiru waan hir’isaniif manneen murtii lamaan gidduu hariiroo cimaatu jira.

**Bariisaa: Dhumarratti ittifayyadamni teknoloojii manneen hojii ittiwaamamnisaanii korechaaf ta’anii maal fakkaata?**

**Obbo Isaa:** Haalli ittifayyadama teknoloojii manneen hojii ittiwaamamnisaanii korichaaf ta’e keessa jiru jalqabbii gaariirra jira. Poolisiin Federaalaa teknoloojii yakka ittisuufi qorannaa yakkaaf gargaaru hojjiira oolchaa jira.

Poolisiin Federaalaa magaalaa Finfinneetti yakki akka hiraawwatameef kaameeraadhaan to’ata. Yakki yoo raawwatames teknoloojicha fayyadamuun yakkamaa adda baasaa jira. Teknoloojii kana fayyadamuun riiformii

taasifamaa jiru keessaa isa tokko.

Manni Murtii Waliigalaa Federaalaas appilikeeshinii abbaan dhimmaa manasaa taa’ee guyyaa beellamasaa galmeeen Iisaa eessa akka ga’e ittiin adda baafatu qopheessee hojjiira oolcheera. Kana qofa osoo hintaane mana murtii keessatti namni tokko yeroo ragaa ba’u waanti inni dubbate harkaan barreeffamaa ture. Oggaan harkaan barreeffamu rakkoon jecha jijjiiruu mul’achaa ture. Rakkoo kana bu’uurarraa hiikuuf ‘artifiishaal intelejensiin’ ykn appilikeeshiniin waanti namni dubbatu barreeffamatti hiiku qophaa’ee tajaajila kenna jira. Kun jalqabbii gaariidha.

Teknoloojii ykn appilikeeshiniin misooma kun qabatamaadhaan qulqullina tajaajilaa mirkaneessuufi ittiqulqullina hawaasaafi maamilaa guddisuu qaba. Teknoloojii fayyadamuurratti Ministeerri Haqaafi Tajaajilii Immigireeshiniifi Lammummaas waan jalqaban qabu.

Sochiin ittifayyadama teknoloojii kun jalqabbii gaariirra jira. Ittifayyadama teknoloojii kana caalmaatti guddisuuf hojiin appilikeeshinoota haaraa hedduu dabaluufti itti deemaa jirra.

**Bariisaa: Miseensotni mana maree bakka bu’ootaa yeroo boqonnaasaanii kanatti hojiiwwan akkamiitti Iisaan irraa eegama?**

**Obbo Isaa:** Ganni kun miseensota mana marichaatiif maqumaaf yeroo boqonnaa jedhama malee yeroo itti boqotan hinqaban. Paarlaamaan Waxabajjii 30 cufamee Fulmaana torban xumuraa Wiixata hojii jalqaba.

Gidduu kanatti miseensotni mana maree hojii bakka bu’ummaa ummataa bal’inaan raawwatu. Hojiin bakka bu’ummaa ummataa hojiiilee ijoo manni marichaa raawwatu keessaa isa ijoodha. Miseensotni mana marii bakka bu’oota ummataa waggaa yeroo lama Guraandhalaafi Waxabajjii 30 hanga Fulbaana torban xumuraatti ummata isaan filate bira ga’anii hojii bakka bu’ummaa raawwatu.

**Bariisaa: Ani gaaffiin qabu xumureera isin yaada hafe ykn ergaa yoo qabaattan?**

**Obbo Isaa:** Akka waliigalaatti hojiin paarlaamaadhaanis ta’e koree keenyaan bira hojii 2016 keessa raawwatame bal’inaan ka’eera. Qaamoleen mootummaa sadan biyyattii keessa jiranis aangoofi gahee mataasaanii ni qabu.

Kanaaf hunduu gaheesaaniirraa eeggamu sirnaan bahachuudhaan biyyattiin jijjiirama barbaaddu bira akka geessuuf tumsa barbaachisu gochuu baay’ee barbaachisaadha. Hundaa ol ammoo nageenya mirkaneessuun daran barbaachisaadha. Kanaafuu rakkoo nageenyaa bakka gara garaatti mul’atu furuun dhimma murteessaadha.

Rakkoo nageenyaa kana mariidhaan furuuf Komiishiniin Marii Biyyaalessaa hundaa’ee hojjechaa jira. Rakkoon nageenyaa mariin furamee nageenyiif tasgabbiin akka mirkanaa’uuf mootummaanis hojii bal’aa raawwachaa jira.

Imaammanni ce’umsa haqaas ba’ee hojjiira ooleera. Imaammanni kun walitti bu’iinsaafi rakkoolee nageenyaa mootummoota darbaa dhufaa keessatti gangalachaa as gahan wal’aanuuf gargaara. Kana milkeessuu keessatti ummannis tumsa irra eegamu bahachuu qaba.

Mariin biyyaalessaa ajandaa waliigalaati. Adeemsi marii biyyaalessaa kun sadarkaa ajandaa adda baasuura gahameera. Biyyi kun biyya nageenyi amansisaafi dimokraasiin keessatti mirkanaa’e akka taatuuf hojiin gaarii raawwatamaa jiru fiixaan baasuun hundumtuu tumsa barbaachisu taasisuu qaba.

**Bariisaa: Ibsa bal’aa nuu kennitaniif guddaa galatoomaa.**

**Obbo Isaa:** Isinis galatoomaa.

## Ilaamee...

# Akeekkachiisamoo hojiitu du'a oolcha?

Waasihun Takiletiin

Tibbana ka'umsa keenya Finfinnee godhannee dhimma hojiif gara godina Baalee, magaalaa Roobee imallee turre. Baaleen biyya aannanii biyya dammaa, goototaa, qabeenya uumamaafi wiirtuulee hawwata tuurizimiin badhaate akka ta'e ragaaleen ibsu.

Bakka kaanitti aannan qaaliidha. Haata'u garuu yoo Baale dhaqan aannan caalaa bishaa lafaa burqutu qaaliidha. Kanarraa kan ka'e aannan gurgurani bishaan bitanii dhuguun jira yoo jedhame eenyutu amana laata?

Galgala daandiiwwan magaalatti kanneen akka Roobee, Gindhiir, Dalloo Mannaarratti aannan gadi bahee gurgurama dheebotaan itti goree bitatee dhugee lapheesaa qabbaneeffata.

Faallaa kanaan jiraataan godinichaa ofii aannan gurguree bishaan dhugaatii dheebochuun dararaa hamaa keessa kan jiru yoo ta'u, lafasaatu bishaan hinmaddisiisu jechuuf dacheen Baalee (Baalee lamaanuu) jiidha hundaan kan badhaadheedha. Qabeenya hinqabu jechuuf irrirra jallis kan ofgaheedha. Hawaasni aannan gurguraa bishaan dheebochuun mallisaa maali isa jedhuuf qaama dhimmisaa ilaallatuufan dhiisa.

Haadha gootota akka Jeneraal Waaqoo Guutuu, dacheen hawwata tuuristii kanneen akka garreen Baalee, bitaafi mirgaan akka cancalaa xaxanii naannawaasheef gamoo uumamaa ta'anii mul'atan, Paarkiin Diinshoo, Gaasaraan, bineensi bosonaa, Saannateen Holqi Soof Umar, Dirreen Sheek Huseen qalbii namaa hawwachuun maqaa godinichaa olkasani warra ibsanidha.

Godinaaleen Baalee giddugala hawwata tuuristii Oromiyaan qabdu keessaa ishee adda durummaan eeramanis ija isaan ilaalu dhabanii dheebuu misooma daandiiin gaaga'ama hamaa keessa jiru.

Oggaa gara Baaleetti imaluuf kaatan wiirtuuleen hawwata tuuristii qalbii nama hawwatan hedduu ta'anis faallaa kanaammoo akka garasitti hin imalle kan nama taasisan keessaa rakkoon misooma daandii isa ijoodha.

Gaafa Baale jedhamu aannan manarra darbee daandiiirratti gabaaf dhiyaatu, damma gaarreen Baalee bosona Gaasaraa, bosona Harannaa, bosona Dalloo mannaarraa ba'an kannee quba nama nyaachisan sanatu qalbii nama seena.

Bineensota bosonaa lakkoofsiifi akaakuuwwansaani hedduu ta'e irraangadee Diinshoo wayita qabatan daandiitti bahanii bitaafi mirgaan nama simatan sanatu qalbiitti nama dhufa.

Maal godharee wantoonni qalbii nama seenan hedduu jiraatanis wayita imala gara Baalee jalqaban kan abdi nama kutachiisu ofduubatti akka deebi'an nama taasisu jira; gaaffii daandii baroota dheeraa hamma ammaa deebii hin argatiin jiru.

Ijaarsi daandii Baalee naannawa Holqa Sabsibee (Gaara Waadudubbatoo) yeroo dheeraaf deebii dhabuurraa kan ka'e balaa konkolaataa mudatuun lubbuun dhala namaa



Holqa Sabsibee Diinshoo

hedduu dhumateera.

Balaa konkolaataa sukanneessaa akka biyyaatti mudataa jiru keessummeessuunis daandii komiin irratti ka'u keessaa isa tokko yoo ta'u, balaa konkolaataa bara darbe naannawa Diinshoo, bakka addaa Holqa Sabsibee jedhamutti qaqqabeen hayyoota yunivarsitii Madda Walaabuu hedduu dhabuun madaa hinqoorre nama keessa kaa'ee darbeera.

Nuyis imala keenya gara Baalee qabeenya uumamaafi namtolchee hambaalee seenaafi bineensa bosonaan badhaate arguuf qilleensa gaarreen Baalee bitaafi mirgaan afuursu dhandhamaa Baaroo Warra Sheek Huseeniin bohaaraa wayita Diinshooti dhiyaannu bitaafi mirgaan akeekkachiisni bakka irra deddeebiin balaan konkolaataa itti mudate waan ta'eef of eeggannoon konkolaachisaa jedhu kan suuraa balaa qabu bitaafi mirgaan dhaabateera.

Nus saffisa imala keenyaa hir'isnee yaada qalbii sodaatiin liqimfamnee bitaafi mirgaan sulula hallayyaa gadi fagoo ilaalaa harka konkolaachisaa ija hannaatiin ilaalaa callisaan deemuu eegalle.

Barjaan akeekkachiisaa bitaafi mirgaan dhaabatee jiru hedduudha. Daandiin caccabaadha, akka tasaa konkolaachisaan keenya bakka tokko gahee kunoo asitti balaan konkolaataa barsiisota Yunivarsitii Madda Walaabuura qaqqabe jedhee suuta afuurfate.

Dhugaadha; balaan konkolaataa barsiisota Yunivarsitii Madda Walaabuura kanaan dura qaqqabe sun sukanneessaadha. Hayyoota hedduu nudhabsiiseera. Kanas ta'e sana daandiin naannawa Holqa Sabsibee hawwii imala giddugala tuurizimii gara Baaleetti taasifamuuf gufuudha jechuun nidanda'ama.

Tuuristiin garas dhufu daandii gaariirra bashannanee, qilleensa qabbanaa'aan qabbaneeffatee qabeenyawwan uumamaa qalbii nama hawwataniin keessoosaa gammachiisee ijasaatti kishaafaa gammachuu gonfee hojii uumaa kan itti raajeffatu dachee boqonnaa yaadaa itti argatu ture.

Haata'utii bu'aa bahiin daandii Holqa Sabsibee hanga Diinshoo jiru abdi kan nama kutachiisu hordoffiifi deggersi ijaarsa daandiif naannawicha jiru laafaa ta'uu agarsiisa.

Dacheen qabeenya uumamaafi namtolcheen faayamtee miidhagde Baale, golli aannaniifi damma burqisiisu, bineensi bosonaa qaalii ta'an keessa burraaqan simannaa keessummaaf daandiitti bahanii wayita eegan namoonni bu'aa bahii daandichaan rakkatanii achi yoo gahan godinichi qabeenya uumamaafi namtolcheen badhaadhee daandii dhabe jedhanii komii kaasuu.

Silaa osoo daandii mijataan jiraatee geejjibni sadarkaasaa eeggate barbaadee dhufa ture. Ofiis fayyadamee gammachuun daawwattootaas dachaan akka dabaluu taasisaayyu. Kun ta'uu dhabuusaatiin ammas dhimmi daandii Baalee Holqa Sabsibeefi Diinshoo gidduu jiru rakkoo keessa jira.

Baay'inni barjaalee akeekkachiisaa bitaafi mirgaan jiru baay'achuun yeroof konkolaachisaa tokko lama haa dammaqsu malee hudhaa sana matumaa fura jechuun gowwummaadha.

Egaa akeekkachiisni nama dadammaqsuun ala daandii dhufaa darbaa barootaaf lubbuu namoota baay'ee galaafate kana kan ijaaru waan hintaaneeff ammas otoo itti yaadame gaariidha.

Akeekkachiisni kumaatamni bitaa mirgaan dhaabatus balaa kana qolata jedhanii yaaduun dogoggora. Waan borullee gatii nukaffalchiisuu danda'uuf tuttuqanii uwwisanii deemuura buqqisanii haressanii ijaaruun balaa konkolaataa qaqqabuu malu hambisuun barbaachisaadha.

Hojiileen gama mootummaatiin misooma giddugaloota hawwata tuuristiirratti hojjetamaa jiran daran kan nama onnachiisanidha. Keessumaa misooma holqa Soof Umar, Buufanni Xiyyaaraa Roobeefi akka magaalattis misoomni koriidarii ijaaramaniifi ijaaramaa kan nama onnachiisaniidha.

Baale misooma omisha qamadii waggaaatti al lama omishuun fuduraafi kuduraan,



aannaniin wiirtuu hawwata tuuristii bineensota addunyaarratti qaalii ta'an qabaachuun dachee maqaanshee olka'eedha.

Haata'u daandiin caccabaa holqa Sabsibee Diinshoo geessu ammallee xiyyeeffannoo dhabuunsaa naannawichi hawaas dinagdeen akka hinguddanne, sadarkaa barbaadamuun hinjijjiiranne, galiin tuuristiirraa argamu akka hir'atu waan taasisuuf xiyyeeffannaan irratti hojjechuun barbaachisaadha.

Akkuma akeekkachiisuurra hojjetanii haara galfachiisuun murteessaa ta'e kan darberraa barannee balaan konkolaataa naannawa Holqa Sabsibeetti mudatu kun matumaa akka furamuuf miira ittigaafatamummaa bahachuun dirqama.

Omishoonni gara garaa achi bitamanii konkolaataadhaan gara giddugala biyyaatti bahan daandiidhuma sanarra socho'u. Daandiin kun haala amma jiruun yoo ittifufe balaa mudachuu danda'u dachaan kan heddummeessu waan ta'eef xiyyeeffannoo guddaa kennuufin murteessaadha.

Haalli misooma magaalaa Roobee daran kan nama jajjabeessu, misoomni koriidariis kan nama onnachiisuudha. Keessummoota qabeenya uumamaasheefi namtolcheeshii daaw'achuuf dhufaniif balballishii banaa ta'us hanqinni bishaan dhugaatii rakkoo dabalataa misooma magaalattii qoraa jiruudha.

Tuuristoonni biyya keessaa hedduun qabeenya uumamaashii kana daaw'achuuf deeman aanaalee gara garaa wiirtuun hawwata tuuristii itti argamu keessa daandii caccabaarra joraa oolani qalbiisaanii gammachiisanii bakka bultiisaaniitti yoo deebi'an bishaan itti dhaqna dhiqatan dhabanii gammachuu soorqalbii daaw'annaarraa sooratan gatii kan dhabsiisuudha.

Baalee dacheenshii jiidha waa hundaan badhaate; kan aannan daandiirratti gurguramu, kan bosonnishii damma roobsu keessatti bishaan dhugaatiifi kan dhaqna itti dhiqatan dhabuun, hudhaa misooma daandii lammiilee balaaf saaxilaa jiru cinatti rakkoo guddina hawaas dinagdee naannawicha qoraa jiru waan ta'eef birmachuufii xiyyeeffannoo kennuufin barbaachisaadha.

# AADAIFI AARTII

## Mana Murtii Aadaa:

### Sirna Oromoorra darbee saboota biroos hawwachaa jiru

Bayyanaa Ibraahimiin

Manneen murtii aadaa seera aadaatiin hojjatan akka hundaa'an kan tumame labsii lakkoofsa 240/2013 jalatti yemmuu ta'u, kunis qaama adeemsa duudhaa ganamaatti deebi'uuf sadarkaa Oromiyaatti taasifamaa jiruuti.

Bakka manneen murtii aadaa kunniin itti hundeeffamee tajaajilli itti kennamaa jiru keessao tokko kan taate magaalaa Shaashamaneetti, Pirezidantii Mana Murtii magaalattii Obbo Hirphoo Irreesoo, manneen murtii aadaa duudhaa ummata Oromoo amma dura dhimma itti bahaa ture bakkatti deebisuuf kan kaayyeeffate ta'uu ibsu.

Gama kaaniin hawaasni qe'efi ollaasaatti baasii malee jaarsaafi aadaasaatiin jaarsummaan akka dubbii fixatu kan gargaaru yemmuu ta'u, sababni inni biraa ammoo dhiibbaa mana murtii idileerra jirus kan hir'isu waan ta'eef akka filannoo lammataa qofaatti osoo hintaane, akka caasaa barbaachisaa tokkootti kan fudhatamuudha.

Manneen murtii aadaa kunniin babal'achuun baasiifi yeroo qaamolee walhimatanii kan hir'isuufi dhaqqabamummaa haqaa iddoowwan hundatti mirkaneessuu keessattis shoora olaanaa kan qabuudha.

Gama biraatiin ragaa sobaa balleessuuf kan gargaaru yoo ta'u, jaarsi dhugaafi aadaadhaan kakachiisee dhimmasaa fixa. Oggaa araaraan fixatu keessa sobni hinjiru, sobni waan iddoo hinarganneef dhumarratti ni baddi.

Dhugaanillee yoosan irra baati. Mana murtiitti ragaadhaan walfalmanii walmo'atu. Kanaan ammoo jaarsaan taa'anii dhugaarratti hundaa'anii waan dubbataniif abbaa dhugaatii dhugaa kennanii isa balleesseef adaba kaa'an waan ta'eef murtiin boodas qamota walhimatan lamaan garaarraa kan walitti fayyisu waan ta'eef sirna kenniinsa murtii daran barbaachisaa ta'eedha.

Akka uumee sirna Gadaatti jaarsolii aadaa, safuufi Afaan Oromoo beekan, akkasumas nama amma dura himatamee adabamee hinbeeknetu dhaddacha manneen murtii kanarratti abbaa murtii ta'a. Kana qofaas osoo hintaane nama jaarsummaan nama araarsuun beekamu, nama jaalatamaafi qabeenya qabu akka tahes labiiratti taa'eera.

Kanneen dhaddacharra taa'anis namoota shanii gadi kan hintaane tahuu akka qabu yemmuu tahu, namoonni kunniinis kanneen hawaasaan filaman tahuu akka qabanis labsichi ifatte kaa'eera.

Caaseffamnisaas gandarraa ka'ee hanga sadarkaa olaanaa "Mana murtii ol dabarfataa" jedhamutti kan jiru tahuu walitti qabaa Abbootii Gadaa Godina Arsii Lixaa, Abbaa Gadaa Nageessoo Gammachuu Nageessoo Gammachuu ni dubbatu.

"Jalqaba gandatti ilaalama, achirra yoo darbe ol dabarfataan aanaa dhufa. Yoo kanarra darbe ammoo Gadaan dhaddacha ofii qaba, dhaddacha ofiitti erga. Yoo dhaddachi dadhabe... Qaallichatti kennee, saddeeta ofii itti baasee yoo kanaan dadhabe, Dalloo erga - Dallootu murtii dhumaa kenna" jedhan.

Akka Abbaa Gadaa Nageessoon jedhanitti adeemsa sirna haqaa gama aadaatiin Oromoon qabu keessatti bakki Dalloo jedhamu kun



gulantaa isa xumuraa tahuu himu. Oromoon Kaabaa-Kibbaa, Bahaa-Dhihaa 'Abbaawo Dalloo'tti walitti qabamuun murtee dhumaa argata. Bakki kunis Baalee, Odaa Roobaa, Aanaa Gindhiritti argama.

Manni murtii aadaa kun dhimmoota maatii (siviilii) hunda ilaaluu danda'a. Keessumaa dhimmoota gaa'elaafi maatiif xiyyeeffannoo kennee hojjeta akka jirutu himama.

"Maatiin mana murtii deemee yeroo walddigaa oolantu jira. Sababa maatiin walddiguun ammoo ijoolleensaani karaarratti hafu. Kana hambisuuf manni murtii aadaa kun shoora olaanaa taphata.

Gama yakkaatiin ammoo dhimmoota 'sasalphoo' jedhamaniifi mootummaadhaan himannaan hindhiyaanne ilaaluun akka araarsuu danda'u labichaan aangoon kennameeraaf.

Haalli tajaajilli kun itti argamus filmaatawwan gara garaa kan qabu ta'uu kan himan Pirezidaantiin Mana Murtii Aadaa Magaalaa Shaashamaneetti Obbo Hirphoo, namni tokko himannaa yookaan komii yoo qabaate, jaarsoleen guyyaa gaaddisa jala taa'antu jira. Gaaddisa kanatti dhiyaatee iyyatasaa kan galmeessifatu yemmuu ta'u, namni himannaa dhiyeessuu yoo fedhe afaaniin, ykn barreeffamaan dhiyeessuu danda'a.

Gara caalus namni himatu afaaniin waan isarra gahe jaarsoliitti himachuun akka ilaalamuuf gaafata. Jaarroleenis nama himatame sana yaamanii fedhiisaa gaafatu. "Dhimmi kee jaarsolii araaraatiin akka sii xumuramu barbaaddaa?" jedhanii gaafatu.

Yoo waliigale, beellama qabatee dhiyaata. "Dhaddachatti dhiyaatee deebii kennee walfalmuu otoo hintaane, akka aadaatti koratu jira, jaarsa murtii kennutu jira. Kan waakkatus taanaan kakuun ykn dhugaadhaan ilaaluun, ollaa, gosaafi fira itti baasu."

Akka abbaa Gadaa Nageessoon jedhanitti immoo; manni murtii aadaa kun murteewwan adabbiis dabarsuu danda'a. Yakka himatameef yoo adabe qarshiin adabuu danda'u. Irra lufanii hojii humnaa hojjisiisuu danda'u. Yookaan ammoo dhiifama akka gaafatu gochuu danda'u.

Isaan akka aadaa abboota isaaniirraa dhaalanitti duudhaa ganamaatiin lubbuu cooqa buute cooqa kaasuu, kan wallole



Manneen murtii aadaa Oromiyaatti ijaaramanii eebbifamaa jiran keessaa

araarsuufi kan balleesse akka aadaatti sirreessuuf fedhii qabaatanillee caaseffamni mana murtii aadaa kun dhabamuusaatiin rakkoon gahaa ture salphaa miti.

Namoota wallolan araarsuuf, kan balleesse akka aadaatti adabuuf, dhiiga dhangala'e, lafee cabe akka dhugaansaa bahuuf bakki teenyee hojjennu rakkoo ture. Waggoota jijjiiramaa kana keessa dhimmi babal'ina manneen murtii aadaa kun hanga sadarkaa gandaatti akka gadi bu'u taasifamuusaatiin rakkoon kun furamaa jira.

Namni dur nama tokko himachuuf waraqaafi qalama baatee daandii dheeraa imalee manneen murtiitti galmee baay'isaa ture hunduu amma gandaafi aanaasaarratti waraqaafi qalama osoo hinbarbaanne afaan qofaan dhimmasaa iyyatee jaarsummaa aadaa kanaan akka isaaf ilaallamu taasifachuu danda'eera.

"Ebeluufi ebelu araaraman jechuu gaafa dhagahu namni baay'een himatasaa gara keenya fida. Namoonni baay'een ittigammadu. Dhugaa waggaa 20f dhokate baasaafii jirra. Warra nama walii ajjeesee walbaqatee jiraatu gumaa baasisnee araarsaa jirra" jedhan.

Warri mana waliirraa biteefi gurguree walgane, kan konkolaataa gurguree walgane gara keenya dhufu. Warri sabummaa biraa qabanu amma baay'inaan dhimmasaanii nu bira fidatani warri dhugaasaanii baasnee araarsine hedduudha.

Hundeeffama manneen murti aadaafi bu'aa waggaa muraasaa keessatti fide salphaa akka hintaane kan himan immoo Pirezidaantii

Mana Murti Waliigala Oromiyaa Obbo Gazaalii Abbaasimali. Isaanis, erga manni murti aadaa hojii jalqabee dhimmootni gara manneen murti idilee dhufan hir'achuu dubbatu.

Akka yaadasaaniitti; ummanni lafuma jirutti osoo fagoo hindeemne manneen murtii aadaa kanneeniin dhimmasaa fixata. Inni biraan ragaan sobaa daran hir'ataa jira. Manni murti aadaa kun kakuunsaa cimaa waan ta'eef namni deemee sobaan hinkakatu.

Yeroo ammaa ummanni mana murtii idilee dhaquu mannaa gandumasaatti mana murtii aadaatiin furmaata argachuu filachaa jira. Manni Murtii Aadaa akka mana murti idilee mo'ataafi mo'atamaa osoo hintaane dhugaatu baha waan ta'eef jireenya hawaasummaatiifis qooda guddaa gumaacheera.

Bu'aa manneen murti aadaa sirna haqaa keessatti fidan kun akka biyyaatti muuxannoo gaarii waan ta'eefis naannoo Tigraayiin ala naannoleen biyyattii hundi muuxannoo naannoo Oromiyaa kana fudhachuun hojiiitti hiikuuf aadeemsarra jiru. Oromiyaatti yeroo ammaa manneen murtii aadaa 2,600 ta'antu tajaajila seeraa karaa aadaa kenna jiru.

Walumaagalatti; manneen murtii aadaa kunneen fudhatamni hawaasa keessatti argatan olaanaa waan ta'eef ummata Oromoo qofa osoo hintaane, saboonniifi sablammiin biyyattii kaanis sirna haqaa kanatti tajaajilamuuf fedhii guddaa agarsiisaa waan jiruuf dhimma daran cimtee ittifufuu qabuudha.

## Qarreefi Qeerroo

# “Maatii qonnaan bulaafi harkaqaal’eeyyii keessatti dhaladhus hawwiin koo dhugoomeera”

- Gaaddisee Ittafaa eebbifamtuu qaxalee

### Waaqshuum Fiqaaduutiin

Barattuu Gaaddisee barattoota barana yunivarsiitirraa qabxii olaanaa galmeessisuun biyyaafi hawaasa gammachiisan keessaa ishee tokko. Milkaa’inni Gaaddisee toora miidiyaa hawaasaarratti namoota hedduun qooddatamuu cinatti mataduree dubbii ta’eera.

Gaaddiseen barnoota Ikkonomiksii (Dinagdee)n ‘A+’-25’fi ‘A-20’ waliigalaan qabxii 3.94 galmeessisuun badhaafamtuu waan ta’uun Yunivarsiitii Dambi Doolloorraa eebbifamuu dandeesseetti. Haalli bu’aa ce’iifi milkaa’inashee shamarran booda jiraniif fakkeenya guddaa waan ta’ef Gaazexaan Bariisaa turtii Kibxata darbe Gaaddisee waliin taasisee akka armaan gadiitti dhiyeesseera.

### Barattuu Gaaddiseen eenyu?

Barattuu Gaaddisee Ittafaa Godina Wallagga Lixaa, ganda qonnaan bulaa Guutoo Weennii qarqara Magaalaa Najjootti dhalatee guddatte. Gaaddiseen maatiisheef durba tokkittii yoo taatu, obboloota dhiiraa sadii ishee dursaniifi lama ishee booda jiran, waliigalaan obboloota dhiiraa shan gidduutti dhalatte.

Maatiin Gaaddisee qonnaan bulaa harkaqaal’eeyyii ta’anis barnootaaf bakka guddaa kennu. Tattaaffii jireenya ofii mo’achuuf taasisan cinatti ijoolleensaani bakka guddaa akka ga’aniif deggersa humnisaanii eeyyameef hunda ni taasisuuf.

### Bu’aa ce’ii jireenyaafi haala barumsaa

Gaaddiseen akkuma shamarran qonnaan bulaa kaanii maatiishee hojii qonnaan deggeruu maddiitti haadhasheetiif bishaan waraabaafi qoraan fidaa turte. Rakkoolee baadiyyaa jiraachuun walqabatan kamuu qooddachaa turteetti.

Akka ijoollee qonnaan bulaa tokkootti hojii qonnaa bareechitee beekti. Haa ta’u malee, inni tokko isa biraa akka hinmiineef hojiifi barnootni sagantaan hogganama. Asirratti ilaalchi maatii murteessaa ta’uu Gaaddiseen ibsiteetti. Abbaanshee nama waa’ee barnoota hubate waan ta’ef sagantaa hojiifi qo’annaa baasee akka hojiitti hiiktu deggeraa tureera.

Obbolootnishee hangafaas tumsa abbaasheetiin barnootaan ciccimoo ta’anii isheefuu deggersa beekumsaafi muuxannoo taasisaa turuu dubbatti. Hundaa ol, gaafa Gaaddiseen kutaa lffaatti tokkoffaa baatu gammachuun maatiishee dabaluu tumsi isheef taasifamus daran dabalaa dhufe. Osoo gulantaa lffaa ba’uu gadi hin lakkisiin barnoota sadarkaa lffaafi 2ffaa xumuruun qabxii olaanaan yunivarsiitii seenuu dandeesseetti.

### Kaayyoon Gaaddisee maal ta’uu ture?

Barattuu Gaaddiseen maatii qonnaan bulaa harkaqaal’eeyyii keessaa waan dhalateef akka maatiittis ta’ee biyyaatti hayyuu dinagdee ta’uun wantoota jireenya qonnaan bulaa fooyyessan rogawwan maraan



Barattuu Gaaddisee Ittafaa

gumaachuudha.

Qonnaan bulaan biyyattii halkanii guyyaa osoo dafquu bu’aa dhamaatiisaan haala yaadameen milkaa’aa hinjiru. Biyya qonni lafee dugdaa ta’etti ammoo jireenya qonnaan bulaa fooyyessuun dirqama. Kanaaf ammoo, golawwan dinagdee hunda sakatta’uun dirqama. Kanattis milkaa’eera jetti. Fuuldurattis qorannoowwan gara garaa dinagdee qonnaan bulaa fooyyessan adeemsisu cinatti barnootashee hanga PhD’tti barachuuf qophiidha.

### Dhiibbaawwan shamarrummaan walqabataniifi haala ittiin injifatan

Yeroo baay’ee, keessattuu naannawa baadiyyaatti akka shamarran barumsaan milkaa’aniif deggersa kennuurra jireenya mo’achuuf gara hojiitti dhiibuun bal’inaan mul’ata. Shamarran baay’eenis baratani bakka guddaa ga’uurra gara gaa’elaatti arreeduun taatee baratamaadha. Hawaansis dhiibbaa kana uumuu keessatti gahee mataasaa qaba. Garuu kaayyoo hinmixxiqne qabaachuun dawaa dhiibbaa ittiin injifatan ta’uu himti.

Akkuma shamarran kamuu Gaaddiseef gaaffiin jaalalaafi gaa’elaa dhiyaachaa tureera. Akka gara jaalalaafi ga’eelaatti galuuuf dhiibbaan hiriyootaas tureera. Ta’us, kaayyoonsee jalqabaa baratani mul’ata ofii dhugoomsuu waan ta’ef bakka itti hinkennine.

Wanti beekamuu qabu fedhii abbaa yoo ta’e malee osoo seerri jiru dhiibbaan dirqiin namarra ga’u akka hinjirre dubbatti. Hiriyootnishee hedduun garuu barumsa addaan kutanii gaa’elatti seenuuf fedhii dhuunfaafi dhiibbaa alaa harka kennaniiru. Dafanii gara gaa’elatti seenuun walqabatee gaaga’ama dinagdeefi hawaasummaa isaan mudates Gaaddiseef barnoota ture.

### Yunivarsiitii hoo dhiibbaan dubartummaan walqabatu jiraa?

Akka Gaaddiseen jettutti, jireenyi yunivarsiitii waantota hedduun mijataadha. Hojiin maatii nama rakkisu waan hinjirreef yeroo ofiitti sirnaan fayyadamanii qabxii



Doktar Lataa Tasfaayee

gaarii galmeessuufis carraa gaariidha. Beekumsa keessaafi idiladdunyaa gabbifachuuf intarneetiin akka garaatti jira. Kitaabilee barbaachisoon beekumsa dabalataa namaa gumaachan akkuma salphaatti argachuun ni danda’ama. Barsiisotni muuxannoofi dandeettii olaanaa qaban waan jiraniif kenniinsi barnootaas daran fooyya’aadha.

Ta’us, keessattuu shamarran tokko tokko biratti dagannaan bal’inaan mul’ata. Halkan mana kitaabaa dhaqanii dubbisuun akka ba’aa ulfaataatti kanneen ilaalan jiru. Kanneen barumsa caalaa bashannanaaf yeroo kennanis ni jiru. Jaalalaan qabamuun kanneen dhiira faana yeroosaanii qisaasessanis ni jiru.

Hundaa ol, barnoota moggaatti dhiisuun miidiyaa hawaasaarratti yeroo gubuunis rakkoo shamarran hedduuti. Hojjetanii qabxii fiduurra hirkatanii darbuuf carraaqanis jiraachuu ibsiti.

Haa ta’u malee, yunivarsiitii seenuun jireenya kaayyoo malee, jireenya gadidhiisii waan hintaaneef kaayyoo ofii beekuun isaaf jiraachuun barbaachisaadha. Gaaddiseen halkan hanga sa’aatii 7:00/8:00tti sodaa tokko malee dubbisuun yerooshee mana kitaabaatti dabarsiti.

Miidiyaan hawaasaa qabiyyee filuun qixa sirriin fayyadamnaan madda beekumsaati. Qabiyyeeewwan beekumsa dabalataa gabbifachuuf oolan viidiyoon deggeramanii haala salphaan namaa galuun toora miidiyaa hawaasaarratti dhiyaachaa jiran fayyadamuun barbaachisaadha.

Gaaddiseen erga bultii dhaabbatee reefu waggaa tokko akka ta’ee fi gaa’ellisaaniis walhubannaafi waltumsuurratti kan hundaa’e ta’uu himteetti. Abbaan warraashees nama kaayyoo ta’uusatiin kaayyoonsee akka milkaa’u cimsee utubaa ture. Nyaata qopheessuurratti yeroon akka hinqisaasofneef yeroo qusachuuf alaa nyaata fayyadamaa akka turanis dubbatteetti.

### Yunivarsiitichi hoo shamarraniif

### deggersa akkamii kennaa jira?

Yunivarsiitichi Gaaddisee qofa osoo hintaane, kanneen akkashee kumaatamaan horachuuf hojjechaa jiraachuu kan ibsan ammoo pirezidaantii yunivarsiitichaa Doktor Lataa Tasfaayee. Akka isaan jedhanitti, Gaaddiseen barnootaafi naamusaan barattuu cimtuu barattoota biroof fakkeenya gaarii taatuudha. Yunivarsiitichi haala nageenyaa rakkisaa ture keessatti rogawwan maraan kutannoon hojjechuun qabxii Gaaddiseen galmeessite agarsiistuu tokko. Hawaasni yunivarsiitichaas qabxii galmaa’ee kanatti gammaduun injifannoo caaluuf qophiidha.

Akka waliigalaatti barattoota qaxalee, addatti ammoo shamarran qaxalee baay’inaan horachuun sochii bal’aan taasifamaa jira. Ijoolleen shamarranii aadaa dubbisaa akka gabbifataniif manni kitaabaa bakka bultii (doormii) isaaniitti dhiyoo ijaaramuun shamarran hedduu fayyadamoo taasisaa jira. Ga’umsa shamarranii gabbisuun hoggansa, dinagdeen, kalaqaafi kanneen biroon cimsuun dhimma biyyaarratti akka hirmaataniif yunivarsiitichi xiyyeeffannaan hojjetaa jira. Shamarran cimani hojjetnaan haala kamuu keessatti milkaa’uu akka danda’an Gaaddiseerra muuxannoo qooddachuu akka qabanis dhaamaniiru.

Sababa rakkoo nageenyaan walqabatee yunivarsiitichi kaleessa maqaansaa gurraacha’aa ture. Ta’us xiyyeeffannoo addaatiin hojjechuun kalaqaafi teknolojiin kalaqawwan sadarkaa biyyaatti ajaa’ibsiisoo ta’an ifoomsuun danda’ameera. Teknolojiin diroonii (xayyaara nama maleessaa)fi kalaqawwan hojii qonnaarratti hundaa’an hedduu yunivarsiitichaan hojiirra oolaniiru.

Barattoota ciccimoo dandeettii addaa qaban gara yunivarsiitichaatti fiduun leenjiiwwan gaggabaabaa kennuun ogummaan kalaqasani akka gabbatu taasifamaa jiru. Haaluma kanaan gama kalaqa intalajansii artifiishaalaa, roobootiifi diroonii milkaa’inni guddaan galmaa’eera. Qondaaltonni mootummaa federaalaafi naannolee kalaqaalee kanneen daaw’atanii dinqisiifachuu qofa osoo hintaane muuxannoon irraa waraabamee bakka birootti akka babal’atu yaada kennaniiru.

Kana malees, omishaafi omishtummaa dabaluu jireenya qonnaan bulaa naannawichaa fooyyessuuf yunivarsiitichi hojii qonna qindaa’aa eegaleera. Haaluma kanaan sanyiiwwan loon filatamoo guyyaatti annan hanga liitira 35 kennuu danda’an, lukkuu, qurxummii gara miliyoona shan ta’an mooraa keessatti horsiisuun qonnaan bultootaaf raabsuurratti argamu.

Wabii nyaataa mirkaneessuuf sanyiiwwan kuduraafi muduraa omishtummaansanii olaanaa ta’e qonnaan bultootaaf raabsuu qofa osoo hintaane qaamaan gara qonnaan bulaa deemuun deggersa ogummaa kennaa jiraachuu Doktor Lataan eeraniiru.

# Abbaa Sa'aa

## Sochiin Paarkii Industirii Qonna Qindaa'aa Bulbulaa keessa jiru abdachiisaadha

### Natsaannat Taaddasaatiin

Paarkii Industirii Qonna Qindaa'aa Bulbulaa torban har'aa qopheessummaa Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaatiin hoggantoota mootummaa naannichaa, abbootii qabeenyaafi keessumoota waamichi taasifameefin daawwatameera. Daawwannichaan sochiin paarkicha keessa jiru abdachiisaa ta'uu odeeffanneera.

Raawwachiistuu hojii olaantuun korporeeshinichaa Aade Sannaayit Mabree haasaa saganticharratti taasisaniin akka jedhanitti, Paarkii Industirii Qonna Qindaa'aa Bulbulaa dameewwan guddoo biyya ceesisuu danda'an damee industiriifi qonna walitti hidhu of keessaa qaba.

Industiriwwan paarkicha keessa jiran hundi galtee qonnaatti fayyadamu. Paarkichi garafuulduraatti iddoo hawwata turistii ta'ee tajaajilu danda'a. Kanaafuu paarkichi damee industirii, qonnaafi turizimii ofkeessatti qabata.

Inisheetiivota qonna mootummaan hojiirra oolchaa jiruun keessumaa omishaafi omishtummaan qamadiifi avokaadoo daran dabalaa jira. Doolaarri kanaan dura qamadii biyya alaati bitanii galchuuf ba'aa ture biyyuma keessatti hafuurra darbee qamadii alatti erguun sharafa alaa galchuun danda'ameera. Omisha industiriitiin ammoo buskutii, juusiifi zayitii nyaataa biyya alaati galu hambisuufi omishaalee kunneen alatti erguun galii sharafa alaa dabalataa argamsiisuuf hojjetamaa jiraachuus eeraniiru.

Paarkii Industirii Qonna Qindaa'aa Bulbulaa bu'uraalee misoomaa barbaachisoo kunneen akka daandii, ibsaafi kkf kan guutatte ta'uu himanii, kunneen hafanis yeroo ittaanutti kan guutaman ta'u dubbatu.

Yeroo ammaa abbootii qabeenyaa 42 kaappitaala biliyoona 276 galmeessisan paarkichatti simatamuufi isaan keessaa hanga torban darbeetti abbootii qabeenyaa 37 korporeeshinicha waliin waliigaltee kan mallatteessan ta'uufi yeroo ammaa abbootiin qabeenyaa shan gara hojiitti seenuu beeksaniiru.

Sheediiwwan ja'an mootummaan paarkichatti ijaare ja'an abbootii qabeenyaatiin qabamaniiru kan jedhan Aade Sannaayit, abbootii qabeenyaa kunneen keessaa kaan gara omishaatti seenuufi gariin ammoo maashinoota dhaabaa jiru. Daawwannichi abbootii qabeenyaa gara hojiitti seenan jajjabeessuufi kunneen gara hojiitti hinseenne ammoo dadammaqsuuf kan gargaaru ta'uu himaniiru.

Paarkichi yeroo ammaa lafa hektaara 271 kan qabu yoo ta'u, gara fuulduraatti ammoo gara hektaara 1000'tti babal'isuuf karoofamee hojjetamaa jira. Giddugalooni Ce'umsa Baadiyyaa ja'a paarkichaaf galtee dhiyeessan Maqii, Shaashamannee, Oolancitii, Baalee Roobee, Dodolaafi Itayyaatti ijaaramaniiru. Giddugalooni kunneen yeroo booda paarkii of danda'an ta'uu malu. Paarkichi namoota kuma 16fi 100'f carraa hojii ni uuma jedhu.

Paarkii Industirii Qonna Qindaa'aa Bulbulaa zoonii omishaa adda addaa ja'a kan qabu ta'uu himanii, yeroo ammaa omishaaleen gara garaa 11 paarkichatti omishamaa jiru. Paarkicha keessa pirojektotni 55 jiraachuufi kunneen keessaa warreen omisha jalqaban; maashinoota dhaabaa, sheedii ijaaraafi maashinoota alaa



Paarkii Industirii Qonna Qindaa'aa Bulbulaa

galchaa jiran jiraachuu dubbatu.

Afyaa'ii Ittaanaan Caffee Oromiyaa Obbo Eliyaas Ummataa akka jedhanitti, inisheetiivota mootummaan hojiirra oolchaa jiruun har'a qamadii alaa galchuun hafee alatti erguun jalqabameera. Omishaaleen paarkichaaf galtee ta'anis bal'inaan omishamaa jiru. Omishaaleen qonna idustiriwwan paarkichaatti qindaa'anis gabaa biyya keessaafi alaatiif kan oolan ta'uus eeraniiru.

Sochiin Paarkii Industirii Qonna Qindaa'aa Bulbulaa keessa jiru abdachiisaa ta'uu himanii, paarkichi gara fuulduraatti walhanqachuu waan danda'uuf abbootiin qabeenyaa biroon dafanii carraa jirutti akka fayyadamaniiif waamicha dhiyeessaniiru.

Akka Naannoo Oromiyaattis ta'e biyyaatti hojiin omishaafi omishtummaa qonnaa guddisuufi paarkiiwwan industirii babal'isuuf hojjetamaa jiru jajjabeessaa ta'uu himanii, hojiin kun gara fuulduraattis cimtee kan itti fufuu ta'uu ibsaniiru.

Ittigaa fatamaa Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Doktor Abdulaaziiz Daawud akka jedhanitti, mootummaan naannoo Oromiyaa guddina dinagdee keessatti dameewwan shaniratti xiyyeeffatee hojjetaa jira. Dameewwan kunneen keessaa inni duraa qonna.

Qonnarratti inisheetiivota adda addaa hojiirra oolchuudhaan qonnaan bulaan omisha kanaan dura omishee hinbeekneefi biyya keenyatti hinbaratamne akka omishu taasifamaa jira. Omishni ruuzii kanaan dura biyya keenyatti beekamaa hinturre yeroo ammaa bal'inaan omishamaa jira.

Atarri gabbataan, suufiin, bakka kanaan dura omishni salixii hinbaratamnetti salixiin omishamaa jira. Omishaalee kunneen damee manifaakchariingiif galtee ta'aa jiru. Dameen manifaakchariingiis omishaalee qonnaatti sona dabaluuudhaan gabaa biyya keessaafi alaaf dhiyeessuuf hojjetamaa jira jedhu.

Paarkii Industirii Qonna Qindaa'aa Bulbulaatti warshaan atara gabbataarraa zayitii nyaataa omishuufi omisha dammaa qindeessu hojii jalqabuu himanii, jalqabbiin hojiin paarkicha keessatti adeemsifamaa jiru jajjabeessaa ta'uus nidubbatu.

Bulchaan Godina Shawaa Bahaa Obbo Abbaabbuu Waqoo akka jedhanitti, mootummaan omishaalee biyya alaatiif

galan kan biyya keessaatiin bakka buusuufi omishaalee alatti ergaman ammoo baay'inaafi qulqullinaan omishuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira.

Godinichis omishaalee industiriwwaniif galtee ta'an baay'inaafi qulqullinaan omishuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Waggaa afuriin dura waggaa qamadii kuntaala miliyoona 1.4'tu godinichatti omishamaa ture. Omisha qamadii galtee industirii ta'ee fi alaa galaa ture omisha qonna gannaafi bonaatiin qamadii kuntaala miliyoona 16 omishamuu dubbatu.

Atara gabbataafi boloqqeen omisha godinichatti bal'inaan beekamu ta'uu himanii, omishaaleen kunneen waggaa darbe lafa hektaara 400 irratti omishamuufi ganna kana omishaalee lamaan hektaara kuma tokkoofi 800 irratti omishuuf karoofamee hojjetamaa jira. Omishaalee qonna Paarkii Industirii Qonna Qindaa'aa Bulbulaaf galtee ta'an bal'inaan godinicha keessatti omishamaa jira.

Paarkichi giddugala godinaaleetti waan ijaarameef omishaaleen godinaalee Shawaa Bahaa, Arsii, Arsii Lixaa, Baalee, Gujiifi godinaalee birootti omishaman paarkii industiriichaaf galtee kan dhiyeessan ta'uu himanii, paarkichi Finfinneetti dhiyoo waan ta'eef omishaalee paarkicha keessatti omishan gabaa biyya keessaafi biyya alaaf dhiyeessuun salphaa ta'uu dubbatu.

Godinichi qabeenya bishaanii humna namaa gahaafi lafa qonna bal'aa qabu walitti fiduudhaan omishaalee gahaa industiriwwan gara garaaf adda durummaan dhiyeessuuf hojjechaa jiraachuu himanii, horsiisa beelladaan walqabatees omisha guddaa dhiyeessuuf hojii bal'aa raawwatamaa jira.

Godinichatti waldaan IMX tokko qofti guyyaatti hanga buuphaa kuma saddeetii gabaaf dhiyeessaa jira. Qonnaan bulaan guyyaa tokkotti aannan liitirii 740 gabaaf dhiyeessan godinicha keessa jiraachuus eeraniiru.

Rakkoo gabaa furuuf hojiin qonnaan bultoota industiriwwaniin walitti hidhuu bal'inaan hojjetamaa jiraachuu himanii, qonnaan bultoonni omisha qulqullinaafi baay'ina qabu industiriwwaniif akka dhiyeessaniif xiyyeeffannaan hojjetamaa jira. Abbootii qabeenyaa omisha aannaniifi bu'aasaarratti hirmaatan gad ba'ani loowwan 500-1,000tti horsiisuu danda'aniif naannawichatti lafa kan qopheessaniif ta'uu himaniiru.

Godinichi omisha paappaayyaafi avokaadootiin beekamaadha kan jedhan Obbo Abbaabbuu, godinichi waggaaatti yoo xiqaate avokaadoo qulqullina qabu kuntaala kuma sagalii ol alatti ergaa jira. Paarkii Industirii Qonna Qindaa'aa Bulbulaa godinichatti hundaa'uun omisha avokaadoo qindeessuun alatti erguufi qonnaan bultootaaf walitti hidhamiinsa gabaa kan uumu ta'uus eeraniiru. Ammaan booda avokaadoo dheedhi alatti erginee juusiisaa alaa galchuun akka hafus eeraniiru.

Paappaayyaan godinichatti bal'inaan omishamaa yeroon gabaa kan hinarganne ta'uufi gatii gaariitti gurguramaa kan hinjirre ta'uu himanii, qonnaan bulaan paappaayya bal'inaan omishaa jiraatus kan irraa fayyadamaa jiru daldaalaadha jedhu.

Daldaaltonni gatii paappaayya akka barbaadanitti gad buusani qonnaan bultootarraa bitaa jiru. Paappaayyaan waan dafee ga'uufi yoo hingurguramne ammoo dafee waan baduuf qonnaan bulaan gatii daldaaltonni jedhaniin omishicha gurgurachaa jiraachuufi rakkoo gabaa kana furuuf industiriwwan waliin walitti hidhamiinsa gabaa uumuuf hojjechaa jiraachuu himaniiru.

Godinichatti omisha muuziis babal'isuuf hojjetamaa jiraachuus ibsani, bara darbe biqilaan muuzii lafa hektaara 128 irra dhaabamuufi barana ammoo lafa hektaara 600 irra dhaabamaa jira jedhan. Yeroo ammaa irra jireessaan omishaalee industiriif galtee ta'an baay'inaafi qulqullinaan dhiyeessuurratti xiyyeeffatamee hojjetamaa jiraachuus himaniiru.

Abbaa Qabeenyaafi Pirezidaantiin Warsha 'TK Group Manufacturing and Trade PLC' Obbo Toofii Kadir akka jedhanitti, paarkichi bu'uraalee misoomaa kunneen akka ibsaa, daandii, bishaaniifi kkf mana jireenyaa guuttatee kan qabu ta'uu eeranii, bakki paarkichi itti ijaarames daran mijataadha jedhu. Industiriisaanii paarkichatti ijaaramaa jiru warshaalee torba kan of keessaa qabu ta'uufi yeroo ammaa warshaan zayitii nyaataa omisha jalqabuus eeraniiru.

Galtee warshichaaf barbaachisu kallattiidhaan qonnaan bultootarraa kan argatan ta'uu himanii, warshichi yeroo ammaa namoota 150 oliif carraa hojii uumuusaafi gara fuulduraatti namoota kumaan lakkaa'amaniif carraa hojii akka uumu eeraniiru.

# ODUU

## Mootummaafi miidiyaan dhimmoota...

faayidaa biyyaaleessaarratti burjaajiin uumamuu akka hinqabne ibsaniiru.

Mootummaafi miidiyaan dhimmoota biyyaaleessa akka obbolummaa, tokkummaa, ulaa galaanaa, hidha laga Abbayyaa irratti addaaddummaa tokko malee waliin hojjechuu qabu jedhaniiru. Miidiyaan hundi faayidaa biyyaaleessaatiif ni hojjeta; hojjechuus qabu; faayidaan hundaa kan kabajamu oggaa hunduu kabajamuudha jedhaniiru.

Miidiyaaleen ergama oduufi odeeffannoo tamsaasuu ol qabaatanis duudhaa tokkummaan dhaabachuu Itoophiyaanotaa cimsuurratti shooraa olaanaa qabu. Kana jechuunis, walabummaan miidiyaa haala qabatamaa biyyaarratti akka hundaa'u himanii; walabummaan miidiyaa Ameerikaas ta'e Awurooppaa jiru haala aadaafi siyaasdinagdeessaaniitiin kan mil'atameedha jechuun ibsan. Kan Itoophiyaas walabummaafi haala qabatamaa

Itoophiyaa giddugaleeffachuu walaba ta'uu qaba jedhan.

“Yeroo ammaa Itoophiyaan damee miidiyaatiin sadarkaa of eeggannaa cimaa barbaachisurra geesseetti. Namoonni baay'een qabiyyeewwan sirrii ta'aniifi hintaane kalaqaa waan jiraniif of eeggannoon barbaachisaadha. Gidiraawwan Itoophiyaan amma keessa jirtu bu'aa seenaa kaleessaati. Aramaa kaleessa of eeggannaa malee faca'een har'a walamantaan, walgargaaruufi, waljaalachuun ture laafee wantota xixiqqoof walhimachuufi walajjeefnu taasisaa jira” jedhan Doktor Abiyyi.

Yeroo amma artafishaal intalajansiidhaan qabiyyee hunda keenyaa qaaccessan kalaqamaniiru. Waa'ee turizimii, investimantii, nageenya Itoophiyaa, waan Itoophiyaanonni barreessanirraa ka'uun haala nageenyaa, bu'aa qabeessummaa misooma Itoophiyaa keessa jiru

sistamoonni haalicha ragaaniif qaaccessan jiraachuus eeraniiru.

Namootni maallaqaafi beekumsa guddaa qaban sistamoota kanneenitti fayyadamuun gabaasa bahe bu'uura godhatanii waa'ee keenya waan yaadaniif waanti alaala dhaga'amuufi qabatamaan lafa jiru akka walhinfakkaanne taasisa. Namoonni baay'een oggaa gara biyyaa dhufan kanaaf Itoophiyaan akkasii jedhu. Kanaaf, waanta addunyaaf dabarsinurratti of eeggannaa guddaa barbaada.

Miidiyaaleen deeggartoota mootummaa ta'uun irraa eegamuu baatus dhugaa ibsuun akka irraa eegamu himanii; dhugaadhaan faayidaa biyyaaleessa dursuun miidiyaaleen gumaachasaanii sirriitti ba'uu qabu jedhaniiru.

Sirna mataduree, “Miidiyaan biyyaaf 2016” jedhuun adeemsifame kanarratti dhaabbilee miidiyaa 12f beekamtiin kennamuu Tajaajilli Kominikeeshinii

Mootummaa kan beeksise yoo ta'u, Dhaabbanni Pireesii Itoophiyaa hojii milkaa'aa gama faayidaa biyyaaleessa kabachiisuutiin hojjeten Ministira Muummee Abiyyi Ahmadiin (PhD) beekamtii argateera.

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa dabalatee miidiyaaleen ummataa 'EBC, OBN, AMC, AMN' faanis beekamticha kan argatan yoo ta'u, TOIn badhaafamaa addaa ta'eera. Gama miidiyaalee daldalaatiin 'FBC', Waalata Addis, OBS, Raadiyoon Shaggar, Gaazexaan Foorchuunfi 'FM'n Awaash beekamtii argataniiru.

Damee miidiyaa dijitaalatiin kanneen jalqabbii gaarii agarsiisaa jiran Dirree Tiyuubiifi 'TIKVAH Ethiopia' tajaajilichaan beekamtii argataniiru. Abbaan miidiyaa yutiyyubii Kingis of Abbaay, Ustaaz Jamaal Bashir ammoo Ministira Muummee Abiyyi Ahmadiin waltajjicharratti dinqisiifannaa olaanaa gonfateera.

### Nageenyi Oromiyaa...

Yunivarsitii Dabaarqii deebi'aa turan 160 tibbana Shaneen ugguruuf yaale tarkaanfii qaamoleen nageenyaa fudhataniin irraabuufamaniiru.

Hogganaan Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaa Obbo Hayiluu Addunyaa ibsa Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, haalli nageenya Oromiyaa yeroodhaa gara yerootti fooyya'iinsa guddaa agarsiisaa jira. Fooyya'iinsi argamaa jirus ummatni Shaneen ofkeessaa baasuuf ejjennoo walfakkaataa waan qabaateefi.

Akka ibsasaaniitti, Shaneen ajandaa ummatummaa hinqabu, nama uggura, ni ajjeesa, doorsisee qabeenya waan saamuuf ummatni ofkeessaa baasee caasaa nageenyaatti dabarsee kennaa jira. Shaneen maqaa qabsoo Oromoo dahoo godhachuudhaan qaama daldalarratti bobba'ee bu'aa dhuunfaasaa guuttachaa jiruudha. Kanaaf, ummatni murna kana ofirraa ittisuuf mootummaa waliin ta'ee nageenyasaa eeggachuurratti argama.

Yeroo ammaa ummatni Wallaggaa guutummaatti misoomarratti bobba'eera. Kunis daaw'annaa hoggansi olaanaan naannichaa naannawichatti taasiseen kan mirkanaa'eedha. Goleen Oromiyaa hundi misoomarra waan jiruuf fooyya'iinsi mul'achaa jiru injifannoo olaanaadha jechuun ibsaniiru.

Mootummaanis gamasaatiin olaantummaa seeraa kabachiisuudhaaf tarkaanfii bal'aa shororkeessaa Shaneerratti fudhachaa jira. Dargaggoonni dogoggoraan murnicha faana hiriiran akka deebi'aniif waamichi taasifamuu yaadachiisani, yeroo ammaa dargaggootni kumaatamatti lakkaa'aman deebi'ani leenjii fudhachuudhaan hawaasatti makamaa jiru jedhan.

Dargaggooti deebi'anii hawaasatti makaman ilaalcha dogoggoraa shororkeessaa Shaneerraa fudhachuun ummata bal'aa miidhuun dogoggora ta'uu hubatanii akka ummata dhiifama gaafatan ta'eera. Ummannis akkuma aadaasaatti dhiifama gochaafi jira. Hojiin gara hawaasaatti deebisuu bal'inaan hojjetameera. Kanaaf, murnichi yeroodhaa gara yerootti dadhabaa jira jedhaniiru.

Shaneen lammiilee nagaarratti xiyyeeffatee ajjeesuun shororkeessaa ta'uusaa qabatamaatti mul'iseera. Murnichi Waxabajii 27 bara 2016 imaloota Yunivarsitii Dabaarqirraa galaa turan waliin namoota 167 Godina Shawaa Kaabaa, Aanaa Warra Jaarsoofi Kuyyuu gidduutti yaalii ugguruu taasisee ture.

Eeruu hawaasa biraa qaamolee nageenyaa qaqqabeen tarkaanfii fudhatameen barattoota 132 irraabuusuun danda'ameera. Barattoota 28 borumtaasaatti irraabuufamuu himanii; waliigala barattoota 160 irraabuusuun danda'ameera. Namoota ugguramanii harka ugguraa jiran keessaa barattoota 3-7 hincaalle ugguramanii jiru jechuun gocha shororkeessummaa Shaneen akka fakkeenyaatti kaasaniiru. Utuu balaan ugguramtootarra hinga'in irraabuusuuf qaamoleen nageenyaa hojjechaa jiraachuus ibsaniiru.

Shaneen caasaa humna nageenya biyyaa dura ittiindhaabatu waan hinqabneef bobbi caasaa nageenyaa hordofuun miliqee daandiirratti ba'ee nama uggura waan ta'eef tarkaanfii qindoominaan fudhatamu cimee ittifufa jedhaniiru. Ummannis nageenyasaa waareessuuf waljaaree caasaa nageenya mootummaa waliin naannawasaa eeggachuufi eeruu kennuudhaan shoorasaa cimsee akka ittifufu waamicha dhiyeessaniiru.

### “Misoomni koriidarii Finfinnee ...

Kantiibaan Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa Obbo Hayiluu Jaldee akka jedhanitti, miisoma koriidarii Finfinneen rakkoo bule kutannoofi qindoomina hoggansaatiif furuun akka danda'amu kan namatti agarsiisuudha.

Akka ibsasaaniitti, pilaaniidhaan magaalaa bulchuu dhabuun magaalaa baasii hinmalleef saaxiluudhaan rakkoo hawaasaa furuuf danqaa tureera. Milkaa'inni misooma koriidarii Finfinneerratti mul'ate garuu rakkooleefi hanqinoota buleeyyii magaalotaarra dhaabachuun fedhii wayita ammaa badhaadhina biyyaa dhugoomsuuf taasifamaa jiru giddugaleeffachuun kutannoofi qindoomina hoggansaa sadarkaan jiru cimsuudhaan jijjiirama fiduun akka danda'amu kan agarsiisuudha.

Jalqabbiifi haalli goolabbii misooma koriidarii Finfinnee barsiifata hojii duraanii kan jijjiire ta'uus himanii; hojichi qulqullinasaa eeggatee akka raawwatamuuf hirmaannaan ummataa jiraachuu akka agarsiisu eeraniiru.

Isaanis akka kantiibaa magaalaa Adaamaatti muuxannoo pirojekticharraa argatan giddugaleeffachuudhaan hojiirra oolchuuf kutannoon hojjechaa jiraachuu ibsaniiru.

Magaalaan Adaamaa misooma koriidarii kiilomeetira 18 misoomsuuf hojii eegaluu himanii; yeroo ammaa ummata hirmaachisuun daandii qulleessuu, halluufi dizaayiniin walqabatan kontiraaktaratti dabarfamuus himaniiru. Abbootiin qabeenyaas misoomicharratti hirmaachuuf kaka'umsa agarsiisaa jiraachuu dubbataniiru.

Kantiibaan Magaalaa Shaashamannee Obbo Adaanas Taklagiyoorjis gamasaaniin,

misoomni koriidarii Finfinnee pirojektii yeroo gabaabaa keessatti xumuruun akka danda'amu muuxannoo irraa argachuu ibsaniiru. Magaalaa jireenya lammiileef mijattu yeroo gabaabaa keessatti ijaaruuf kutannoofi qindoomina hoggantootaa bu'uura milkaa'ina argameeti jedhan.

Muuxannoo kana bu'uura godhachuudhaan akka haala qabatanaa Magaalaa Shaashamanneetti misooma koriidarii kiilomeetira 9.6 eegalamuu eeranii, kanaafis, qarshii miliyoona 250 ramadamuu himaniiru. Milkaa'ina misooma koriidarii kanaaf abbootiin warraa 254 beenyaa tokko malee wiirtuu daldalaasaanii gadhiisuudhaan tumsa misoomaaf qaban akkuma jiraattota Finfinnee agarsiisuu ibsaniiru.

Kantiibaan Magaalaa Hawaasaa Obbo Makuriyaa Marshaayees misoomni koriidarii Finfinneetti gaggeeffamaa jiru jiraattota magaalichaa magaalota birootiif kaka'umsa kan uumeedha jechuun ibsaniiru. Pirojektichi qulqullinasaa eeggatee yeroo gabaabaa keessatti xumuruun aadaa hojii kaleessaa kan jijjiire ta'uu himanii, bu'aan argames qindoominaafi kutannoo hoggansaa sadarkaan jiru qabataamaatti kan agarsiisuudha jedhaniiru.

Muuxannoo kana bu'uura godhachuudhaan akka Magaalaa Hawaasaatti hojii misooma koriidarii kiilomeetira 7.5 marsaa lamaan xumuruun adda baasuun qorannoonsaa xumuraameera. Bajata ijaarsaa jalqabsiisuuf qarshii biliyoona tokkoo ramaduudhaan yeroo ammaa ijaarsi marsaa jalqabaa eegalamuu himanii; pirojekticha xumuruuf hanga qarshii biliyoona lamaatti akka gaafatu ibsaniiru.

### Hojiileen misoomaafi nageenyaa Godina...

odeeffannoo taasisee hirmaannaa seenaqaabeessa gochaa jira jedhaniiru.

Saamichatti aanee kaayyoon murna Shaneen inni lammaffaan misooma godinichaa gufachiisuudha kan jedhan bulchaan

Godina Shawaa Lixaa, abjuu murnichaa fashaleessuun hojiiwwan misoomaa xiiqqidhaan hojjechuun barana qofa pirojekttonni 770 qarshii biliyoona 3.5 oliin hojjetaman eebbaaf qophaa'uu ibsaniiru.

Hojiilee misoomaa keessattis hirmaannaan ummataa olaanaa ta'uu himanii, pirojektota eebbaaf qophaa'an kunneen keessaa 314 bajata mootummaatiin kan hojjetaman yommuu ta'u, kanneen hafan hirmaannaa ummataatiiniif mitmootummaadhaan kan

hojjetamuu ta'uu himaniiru.

Yeroo ammaa hojiin caasaa gandoota baadiyyaa humna diinaatiin diigamanii turan deebisanii ijaaruu gandoota hundatti hojjetamaa jiras jedhaniiru.

## Barana Oromiyaatti pirojektootni kuma 21 ...

oolu arguun biyya kanatti seenaa baratamaa hinturte.

Wanti raawwii pirojektotaatiin walqabatee biyya kanatti baramaa ture ijaarsa pirojektii waggaa lamatti xumuruuf karoofame gara afuritti, isa afurii ammoo gara saddeettitti ol butuutu ture. Kanaaf immoo pirojektota yeroo qabamaniifitti osoo hinxumuramne yeroo dabalataa fudhachaa turan hedduu kaasuun ni danda'ama.

Waggoota afran darbanitti garuu barsiifanni hojii ijaarsa pirojektotaatiin walqabatee harkifannaan beekamaa ture geeddaramee yeroo gabaabaa keessatti xumuruun aadaa haaraafi hojii idilee ta'aa dhufeera.

Akka Oromiyaatti bara darbe pirojektotni baay'een yeroo qabameeffitti xumuruudhaan kan eebbifaman yemmuu ta'u, barana akka walii galaatti pirojektotni kuma 21 qulqullinaafi saffisa barbaachisuun xumuramanii eebbifamaa jiraachuu Afyaa'iin Caffee Oromiyaa Aade Saadaa Abdurahmaan ni dubbatu.

Raawwiin pirojektota naannichatti mul'achaa jiru jijjiirami olaanaan kan keessatti mul'atu ta'uu sagantaa eebba

pirojektotaa Magaalaa Shaggarirratti kan himan Aade Saadaa, keessattuu magaalaa Shaggar kan Oromoon fedhii addaa irratti qabu waan ta'eef gama kanaan hojii fakkeenyummaa qabu galmeessisaa jiraachuu ibsu.

Akka ibsaaniitti; mootummaan jijjiiramaa gaaffii kuufamaa Oromoon qabu deebisuuf tarkaanfii fudhate keessaa inni tokko qonnaan bulaa Finfinnee marsee jiruufi maqaa misoomaatiin buqqa'aa tureefi gaaffii abbaa biyyummaa ummatichaa deebisuuf magaalaa Shaggar hundesseera. Hundeessuu qofti waan galma hintaaneef pirojektota sadarkaa magaalota guddoo eeggatan ijaaranii tajaajilaaf oolchuun dirqama.

Kanuma bu'ura godhachuun magaalaa Shaggar erga hundaa'ee umriinsaa gabaabaa ta'us hojii hatattamaatiin pirojektota yeroo gabaabaa keessatti xumuruudhaan magaalota biroottiif fakkeenya ta'aa jira.

Magaalaa Shaggaritti bara bajataa 2016f pirojektota 406 ta'an diriisuuf karoofamuufi kana keessaa hanga ammaatti 315 xumuramanii tajaajilaaf qophaa'uu Kantiibaana Magaalattii Doktor Addunyaa

Dabalaa ni dubbatu.

Hundaa'uun magaalaa Shaggar pirojektotni haaraa humna magaalattiitiin akka diriifamaniif dandeettii guddaa uumuus himanii, Magaalaa Burraayyuu duraanii ammaan tana kutaalee magaalota sadiitti adda bahe waggaatti qarshii biiliyoona tokko sassaabaa ture. Barana garuu kutaan magaalaa tokko (Malkaan Noonoo) qophaasaatti qarshii biiliyoona 2.2 ta'u sassaabe jechuun dandeettiin gibira sassaabuu dabaluu ibsan.

Dandeettiin sassaabbii gibiraa dabaluu kun immoo pirojektotni misomaa baay'inaafi qulqullinaan akka ijaaramaniif sababa ta'aa jiraachuu Doktor Addunyaa eeraniiru. Hoggansi magaalaa Shaggar eebba pirojektotaa cinatti biqiltuus dhaabeera.

Labsiin tajaajila lammummaa Caffeedhaan bahe ummanni kennaa tajaajila tolaarratti akka hirmaatu kakaasuudhaan baay'ina pirojektotaa dabalaa kan jiru yemmuu ta'u, walakkeessa Waxabajjiiirraa eegalee godinaaleefi bulchiinsota magaalaa Oromiyaa hundatti eebbi pirojektotaa bal'inaan adeemsifamaa jiraachuun ni beekama.

## "Tumsa taasifneen nageenyi naannawaa..."

Oromiyaa 14ffaan Aadaamaatti torbee darbe gaggeeffame sochii gurmaa'ina gandaa hanga naannootti cimsuuf taasifamaa ture keessaa isa tokko ta'uus yaadachiiseera.

Gurmaa'insi dargaggootaa sadarkaa gandaa irraa eegalee misooma, hawaasummaafi nageenyaarratti ga'eesaanii akka ba'aniif shoora olaanaa taphachuu dubbatee; bu'aa hirmaannaa dargaggootaa hanga ammaatti jiruun nageenyi fooyya'ee hawaasni gara misoomaatti deebi'uu ibseera.

Haalotni kaleessa maqaa badaa godinichaaf kennisiisaa turan jijjiirameera kan jedhu daraggagoo Fedhasaan; amma nageenya fooyya'aa jiruun hojiiin baruufi barsiisuu sirnaa gaggeeffamaa jira. Qonnaan bulaan guddistuu callaa argachuun gara misoomaatti deebi'uus dubbateera.

Insheetiviiwwan mootummaa hojiitti jijjiiruun horsiisa kanniisaa, horsiisa lukkuufi

ruuza omishuuratti bobba'uudhaan carraa hojii uumameen dargaggooti hedduun fayyadamaa jiraachuus eereera.

Gama hawaasummaatiin manneen harkaqaal'eeyyii 100 ol ta'u dargaggootaan ijaaramuu himee; haala walfakkaatuun manneen barnootaa suphuufi ijaaruun, ashaaraa magariisaan walqabatee hojiin tajaajila lammummaa hojjetamaa jira. Dargaggoon qaamolee nageenyaa waliin qindaa'uun gaachana sirnaa naannawaasaaniitti ijaaramuudhaan hirmaannaa taasisaniin nageenya godinichatti fooyya'aa jiruuf mul'istuu ta'uu ibseera.

Godina Gujiitti Ittigaafatamaan Waldaa Dargaggoo aanaa Annaasorraa Dargaggoo Buzunaa Duuloo akka jedhetti, Godina Gujii Lixaatti tumsa dargaggootni naannawaasaaniitti taasisaniin nageenyi godinichaa fooyya'aa jira. Kana cimsuuf kallattii waldaan dargaggoo godinichaa

kaa'een gurmaa'insa dargaggootaa cimsuuf hojii bal'aan hojjetameera. Dargaggoon humnaafi qabeenyaan hirmaachuun nageenya mirkaneessuurratti hojii bal'aan aanichatti hojjetameera.

Akka inni jedhutti, dargaggoonni gaachana sirnaa naannawaasaaniitti ijaaramuudhaan qaamolee nageenyaa waliin ta'anii nageenya aanichaa mirkaneessuu keessatti shoora olaanaa taphateera. Sadarkaa biyyaattis raayyaa ittisa biyyaatti makamuudhaan birmadummaa biyyaa kabachiisuu keessatti hirmaannaa guddaa taasisaniiru.

Hirmaannaan taasifame walitti ida'amee bu'aa nageenyaan mul'achaa jiraachuu himee; bu'aa nageenyaa argameen insheetiviiwwan mootummaan lukkuu horsiisuu, omisha bunaafi sookoo irratti waldaan gurmaa'uudhaan yeroofi beekumsa isaanii hojiitti jijjiiruun fayyadamoo ta'aa jiraachuu dubbateera.

## "Ispoortiin atileetiksii keenya rakkina..."

Baay'een keenya wayita gara federeeshinii atileetiksii dhufnu ispoortii kana caalaa addunyaarratti beeksisuuf yaadaa turre. Akkuman jedhe korichi karaa faayinaansiitiinis ta'u ogummaan akkasumas dandeettiinwwan adda addaatiin kan gutameedha.

Hata'u malee qaami guddina ispoortii atileetiksii Itoophiyaa hinbarbaanne karaa lafa jalaatiin koree keessa galuudhaan addaan qoodaa kaayyoo guddina ispoortii hubaa waan jiraniif malli itikennamuu qaba.

Alseerummaan kun baay'ee keenya abdi kutachiisuudhaan federeeshinicha keessaa akka bahan nama taasisaa jira. Hudhaan kun furamuu baannaan guddinni atileetiksii keenyaa quucaraa deema.

Waggoota afran darban yeroo Olompikiin gageeffamuuf qophiirra ture koreen olompikii ammaa atileetiksii keenya kuffisuuf dadammaqsaa jiru kun biyya keessatti dhiisii Itoophiyaa addunyaarratti qabxii dhabsiisuudhaan meedaaliyaa warqii takkaan akka gallu nu taasisera. Har'as isaanumatu jeeqaa jira.

**Bariisaa: Haala kanaan abdiin barana olompikiirratti meedaaliyaa argachuuf qabnu hinsodaachisuu laata?**

**Maarqos:** Qabxiin waggaa afran baranaas nu harkaa hongaatteetti. Haata'u malee shaampiyoonaa adda addaa addunyaarratti taasifachaa tureen atileetota qabxii gaarii miinimaa olompikii qaban itti makamaniiru.

Akkasumas atileetonni kanaan dura olompikiifi shaampiyoonaa atileetiksii addunyaarratti miinimaa qaban, akkasumas muuxannoo qaban waan dorgomaniif hanga danda'ametti meedaaliyaa eeguun Keenya hinoolu.

**Bariisaa: Guddina ispoortii biyya keenyaaf ga'een miidiyaa olaanaadha. Haata'u malee miidiyaan tokko tokko haqaan ala oduu kijibaa adda addaa bittinsaa jira hamiin jedhu jira. Atihoo akkamitti ilaalta?**

**Maarqos:** Miidiyaa biyya kanaan waan baay'eedhaaniin ilaala. Miidiyaan tokko tokko callisee olola kan labuu jira.

Miidiyaan guddinaaf dhaabatemmo

ispoortiin jaalala akka ta'u akka guddatuufis cichee hojjechuun gaheesaa kan bahatudha.

Keessattuu yeroo ammaa miidiyaan dhugaadhaaf dhaabate, ummata keessaa bahe dhugaa ispoortii quuqamuudhaan dabarsaa jiru koree olompikii keessatti barbaadama hinqabu.

**Bariisaa: Dhumarratti dhaamsa qabdaa?**

**Maarqos:** Ummanni keenya jaalataa ispoortii keessumaa atileetiksii ta'uunsaa mamii hinqabu. Yeroo baay'ee wayita atileetonnisaa gootonni injifannoodhaan deebi'an addababa'iitti bahuudhaan simannaa gochaa ture.

Akkasumas mootummaan Itoophiyaa atileetota mo'annaadhaan deebi'aniifi jila hirmaattotaaf muudamaafi badhaasawwan adda addaa gochaa tureera.

Haata'u malee ispoortiin atileetiksii keenya rakkina guddaa keessa waan galeef mootummaan qaama rakkina kana uumaa jiru sirreessuun guddina ispoortiiirratti hojjechuu qaban jedha.

## Rifoormiin ...

keessa yaadni gargaaramtummaa yoo bahe Itoophiyaan yeroo dhiyoo keessatti gargaaramtummaa keessaa baatee gara gargaaruutti cehuu dandeessi.

Bu'aan biyyattiin omisha qamadiitifi ruuziitiin argachaa jirtu biyyattiin yaadama gargaaramtummaarraa gara gargaaruutti jedhu milkeessuu kan dandeessu ta'uus Doktor Daawit ibsaniiru.

Gaggeessaan biyya Chaayinaa qamadii deeggarsa biyyasaa keessa jiru walitti qabuun garbatti naquun biyyasaa keessatti gargaaramtummaa hambisuuf sochii jalqabee, sochiichaanis akkuma milkaa'ina argate, Itoophiyaanis sammuu lammiileesheerratti yoo hojjetta yeroo dhiyoo keessatti gargaaramtummaa hambisuu dandeessi jedhan.

Kooriyaanis sammuu lammiileeshee jijjiiruun waggaa 30 keessatti gargaaramtummaa keessaa kan baate ta'uu himanii, biyyi Odola Bishaanii Afrikaa Baha (Water Tower of East Africa) jedhamtee beekamtu, Itoophiyaan teknolojiwwan ammayyaafi qorannooti gargaaramuun qixa hojjechuu qabduun hojjechuun hiyyummaa seenaa taasisuu qabdi jedhaniiru.

## Baatuutti omisha...

gahuus ibsanii; dargaggoonnis ta'anii harka mootummaa eegu qofa otoo hintaane walgurmeessanii kutannoon hojiitti seenuu akka qaban dhaamaniiru.

Dura teessuun Gurmu Misooma Oyiruu kanaa Aade Raadiyaa Nashaa yaada Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, horsiisa raammoo haarii jedhamurraa ka'uun sadarkaa kanarra ga'an. Amma sadarkaa timaatimii omishnee gabaaf dhiyeessuurra ga'ameera jedhaniiru.

Kan gurmaa'anii hojiitti seenan bara 2012 ta'uus eeranii; bu'aa hojii waggoota afran darbanitti cichanii raawwatani argaa jiraachuu ibsaniiru.

Jalqabarratti namoota 100 (dubartoota 64fi dhiirota 36n) ta'anii gurmaa'anii hojjechaa turuu yaadachiisani; "Isaan keessaa warri dhiiraa waan guyyaa guyyaan qarshii hin arganneef obsa dhabanii akkuma jiranitti yaa'an. Namni obse wayitti baha" jechuun taajjabbiisaaniifi milkaa'ina har'a irra gahan ibsaniiru.

Dubartoonni magaalaa dargaggoonni sochii miseensonni waldichaa taasisaa jiran akka muuxannooti fudhachuun kutatani hojitti seenuu akka qabanis cimsanii gorsaniiru. Kanaanis ummata fayyadaa, biyyas ofis guddisna jedhan Aade Raadiyaan. Kantiibaafi dargaggoota oyirusaanii daaw'achuun hamileesaanii jajjabeessanis galateeffataniiru.

Miseensota waldichaa keessaa tokko kan ta'an Aade Immiyyuu Maammoos gamasaaniitiin, omishni timaatimiisaanii yeroo gabaabaa keessatti gabaaf akka dhiyaatu eeranii, omishasaanii gatii madaalawaadhaan gabaaf waan dhiyeessaniif qaala'ina gatii tasgabbeessuu keessattis shoora olaanaa kan qabaatu ta'uu dubbataniiru. Bakki gurgurtaas waan qophaa'eeffif yaaddoo gabaan kan hinqabne ta'uu eeraniiru. Omishicha jallisiidhaan gaggeessaa jiraachuus eeraniiru.



# BARIISAA



Tashooma Qadiidaatiin

## “Ispoortiin atileetiksii keenya rakkinna guddaa keessa waan galeef mootummaan jidduu seenee sirreesuu qaba”

- Komishinara Gargaaraa Maarqos Gannat

**Finfinnee:** Yeroo addunyaan saayinsiifi teknolojiidhaan guddattee hojiiilee gara garaa hojjetaa jirtu kanatti hojiiwwan baratamaafi adeemsa duubatti hafa hordofuu mudataniin rakkina keessa seenuunis hinoolu.

Haalli kun ammoo dameewwan hunda keessatti kan mul'atu yoo ta'u, ispoortinis yoo yeroo wajjin tarkaanfachuu baate qabxiin barbaadame galmaahuu dhiisuu danda'a.

Itoophiyaan addunyaarratti beekamtii kan argatte damee ispoortii kanaan, keessumaa ispoortii Atileetiksii yoo ta'u, Ispoortiin atileetiksii Itoophiyaan qaama tokko jedhamuunis beekamu. Sababnisaa biyyattiin damee kanaan Olompikii ammayaarratti hirmaachuudhaan addunyaarratti maqaa kan argatte waan ta'ee fi.

Haata'u malee taaktikii ispoortii biyyattiin addunyaarratti ittiin beekantu tana dadhabsiisuuf yeroo olompikiin gaggeeffamu jalabultiinsaa waldhabsiinsa Koree Olompikiifi Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa mudatu dhageeffachuun leellistoota ispoortii biratti baratamaa dhufeera.

Rakkinni kun maaliin furmaata argata yaada jedhuuf gaafdeebii Bariisaan Atileet Komishinara gargaaraa Marqos Gannat waliin taasisse akka armaan gadiitti dhiyaateera.

**Bariisaa: Atileet Maarqos Gannati eenyu?**

**Maarqos:** Maqaan koo Atileet Komishinar Maarqos Gannatiin jedhama. Ga'een hojii kiyyaakaraa ispoortii Koree Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa keessatti Hojii Raawwachiiftuufi Pirezidaantii Waldaa Atileetoota Biyyaalessaa, akkasumas Walittiqabaa Ittaanaa Koree Teknikii Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaati.

**Bariisaa: Mee haala ispoortiin atileetiksii biyya keenyaa kanaan duraafi amma keessa jiru nuu ibsi**

**Maarqos:** Sadarkaan amma ispoortiin atileetiksii biyya keenyaa irra jiru gaariidha jechuun ni danda'ama. Guddinnisaa kan duriin wajjin walbira qabnee yoo madaalle amma sadarkaa guddinaa gaariirra jira.

Gaafan kana jedhu federeeshinoota Itoophiyaa keessa jiran keessa of danda'ee kan socho'uufi yeroo ammaa saffisaan guddachaa jiruudha. Kana jechuun kiyya guddinasaa kan fixate osoo hinta'iin rakkoo keessasaa jiru waliin qabsaa'aa jiraatus adeemsisaa guddina gaariirra jira jechuudha.

**Bariisaa: Akkuma beekamu kanaan dura yeroo shaampiyoonaan atileetiksii Addunyaafi Olompikiin dhiyaatu rakkinoonni tokko tokko uumamaa turan. Ammas ittifafaatuma jira. Sababnisaa maali?**

**Maarqos:** Sirriidha. Rakkoon kun



yeroo baay'ee nuqoraa jira. Biyya bakka bu'uun dorgomuun salphaa miti. Imaanaa guddaadha. Faallaa kanaammoo waldhabdeen boqonnaa qophii keessatti mudatu guddina ispoortii keenyaa miidhaa jira.

Tokko dhama'ee ifaajee dorgomee faayidaa argachuu barbaada. Kan biraa ammoo karaa gabaabaa ykn qaxxaamuraan argachuuf kaka'a. Waldhabdeen mudatus ga'umsaan filatamuufi qaxxaamuraan filatamuun kan walqabatuudha.

Egaa atileetiksiiidhaan biyya bakka bu'u keessatti wantoota baay'eetu jira. Biyya ummata miliyoona dhibbaa ol qabdu bakka buutee dirree addunyaarratti hirmaachuu jechuun ittigaafatamummaa guddaadha.

Haaluma kanaan waldhiibuun kun maaf dhalata isa jedhuuf, Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa seera ittiin atileetota mataasaa ittifilatu qaba. Ta'us tokko tokkommoo seera jalatti seera baafatanii kan adeeman jiru. Kun rakkoo biraati. Haa ta'u garuu tokkoof lama, seera biyyattiin atileetota ittiin hoggantu akkaataa ittiin hojii raawwatantu rakkoo qaba malee rakkoon seeraa hinjiru.

Atileetiin tokko yeroo waldorgommii qaxxaamura biyyaa taasisuuf jedhu maaliin akkamiin filatamaa? Isa jedhuuf seerri filannoo lafa kaa'ameera. Rakkoon jiru garuu akkaataa seericha hojiirra oolchantu akka dhabuun waldhabdee uumuu danda'a.

Akka federeeshiniitti seera kana waan qabnuuf rakkoo biraa qaba jedhee hin yaadu. Yeroo baay'ee ammoo gaafa waldorgommiin biyya bakka bu'ani dorgoman gahu, fedhii adda addaatu jira. Fedhiin sun ammoo warri raawwachiisan akkuma hojiisaanii xumraniin kan isaan mudatuudha.

Koree Olompikii Itoophiyaa keessatti yeroo baay'ee rakkinoota guguddootu uumama. Korichi hanga waggaa afuriitti iddoo Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa jiru hinbeeku. Gaafuma dorgommiin olompikii dhufu waldhabdeen uumama.

Nuyi waggoota afran darban waan ta'e waan beeknuuf akka rakkoon sun deebi'ee hindhufneef waan baay'ee hojjechaa turre. Garuu milkaa'uu hindandeenye.

Humna keenyaa ol ta'e. Ammas rakkoo humna keenyaa ol ta'e uumaa jiru. Hojii aangoosaanii hintaane hojjetaa jiru jechuudha.

**Bariisaa: Federeeshiniin atileetiksii Itoophiyaa atileetota leenjisuudhaan dorgommiif dhiyeessa. Koree Olompikii ammoo karaa bulchiinsaatiin hojiisaa gaggeessa, garaagarummaan kun osoo jiruu maaltu walitti isin buusa?**

**Maarqos:** Akka seeraatti Koree Olompikii Itoophiyaa federeeshinoota biyya kana keessa jiran 28 ol bulchuutu irra ture. Haata'u malee hanga guyyaan shaampiyoonaa gahutti qaba walhinqaban. Keessumaa federeeshinii atileetiksii federeeshinoota biyya keessaa kaanirra atileetiksii humnaafi aango guddaa qaba. Kana jechuun kiyya atileetota sadarkaa addunyaatti filataman kan dorgomsiisu isa jechuu kooti.

Olompikiin silaa hojjechuu kan qabu pirojektiiiratti. Waan baay'ee ilaaluudhaan jajjabessuutu irra ture. Hidhannaafi leenjiiidhaan ijoollee kanneen cina dhaabachuudhaan kunuunsee guddisuutu irraa eegama ture. Korichi kan taasisu garuu gaafuma olompikiin adeemsisamuuf jedhu kaasee waldhabdee mudatuun dhamaateen waggaa afur guutuu taasisamaa ture booreesuudhaan gara hintaanetti ceessisaa jira.

Akkuman jedhetti koree olompikii loojistikii duwwaadhaan federeeshinii gargaaruun kan irra ture. Kan inni gochaa jiru garuu anatu bulchaadha. Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa ammoo hanga torban darbeetti akka koree hojii raawwachiiftuutti waliin mari'annee, irratti waliigaluudhaan atileetota biyya kana bakka bu'ani dandeettiidhaan alaaba biyyaa ol kaasuu danda'an ilaalee filachuun itti kennina.

Haata'u malee Koree Olompikii Itoophiyaa seeraa ala ogeessa mataasaa ijaaruun nama dandeetti hinqabne ramaduudhaan hogganaa teeknikii taasisse karaa qaxxaamuraatiin ijoollee walitti qabe gocha faallaa raawwataa jira.

Ani ammoo akka bakka bu'aa atileetotaatti atileetonna keenya miidhamaa jiru. Kanaaf mootummaan taa'ee qaama lameenuu walitti fidee akka seeraatti sirreessuun barbachiisaadhan jedha.

Hojmaanni badaan akkasii babal'achuun maatii ispoortii leellistootaaniin dallansiisaa waan jiruuf furmaata kennuun murteessaadha.

**Bariisaa: Akka seeraatti koree olompikii tajaajiluu kan qabu waggaa afuriifi. Yoo baay'ate waggoota saddeetiif jedhama. Baranas seeraan ala waggaa 12f turuuf filannoon adeemsisameera. Adeemsi kun seericha hincabsuu laata?**

**Maarqos:** Kun hojii shiftummaati. Filannoon kan adeemsisamu Korichi waggoota darbanitti sochii taasisseef

mana maree ispoortii gabaasa dhisessee irratti mariin taasisamee erga ragga'ee booddeedha.

Akkasumas odiitiin adeemsisamee galiifi baasii korichi taasiserratti yoo walii galameedha. Kana malee rakkinoota waggoota kanneenitti isa quunnameef mala argame mana marichaatti dhiyeessuudhaan eera ragga'ee booddeedha.

Wanti nama dingu olompikii Tookiyoo kan waggaa afran baranaa adeemsisameef mootummaan ummata kakaasuudhaan kanaan dura seenaa olompikii biyya keenyaa keessatti argamee hinbeekneen qarshii miliyoona 156 Koree Olompikii Itoophiyaatti kenneera.

Qarshii kun ummata hiyyeessarraa sassaabamee korichaaf kennamus osoo odiitii hinta'iin hanga ammaatti bakka buuteensaa hinbeekamu.

Yeroo sanas baasiin kun saanduqa federeeshinii atileetiksii keessaa baheeti atileetotaaf kan kenname. Hanga ammaattuu federeeshinichaaf hindeebine.

Waggoota saddeettan dura filannoo kan adeemsisame warreen ulaagaa filannoo guuttatan ragaaleesani dhiyeeffatanii iddoo bakka bu'aan, waldaa atileetota biyyaalessaa, federeeshinootaa biyyaalessaafi waldaaleen ispoortii biyya keessaa, akkasumas bakka buutonni federeeshinoota naannolee argamanitti. Haata'u malee filannoon ammaa kun kan adeemsisame karaa lafa jalaatiin dhoksaadhaan waan ta'ee qaama kamiinuu fudhatama hinqabu.

Filannoon kanaan dura adeemsisameyyuu akka hinadeemsisame beekna. Hawaasaafi Baahir Daaritti seeraan ala walga'ii taasisatanii ari'amani Finfinneetti deebi'aniiru. Dhumarratti dallaa koree olompikii keessatti seeraan ala dukaana buufatanii bakka namoonni filataman hinjirretti adeemsisuudhaan qilleensarratti ati filatante jedhamee akka xalayaan isaan gahu taasisameera. Baranas isumatu dabalame.

**Bariisaa: Federeeshiniin Atileetiksii Itoophiyaa yoomiyyuu caalaa kan ijaarame namoota ispoortii beekaniin jedhama. Haata'u malee hanga ummanni eegaa tureen qabxiin hinjiru. Rakkinnisaa maali?**

**Maarqos:** Kunis dhugaadha. Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa yeroo ammaa abbaa argachuudhaan ogeessota dorgommii keessa turaniin gaggeeffamaa jira. Isa malee Itoophiyaa dirreewwan Olompikii, shaampiyoonaaawwan atileetiksii biyyaalessaafi dorgommiwwan addunyaarratti biyya bakka bu'uudhaan dafqasaanii xuruursanii dhiigasaanii dhangalaasuudhaan alaabaan biyyattii akka ol ka'u taasisaniin gaggeeffamaa jira.